

Wagгаа 31^{፳፱}..... Lak.3/2015
 31^{፳፱} ዓመት.....ቁጥር.....3/2015
 31^{፳፱}year No.3/2022



Finfinnee.....Onkoloolessa 11 Bara 2014
 ፊንፊንጌ.....ጥቅምት 11 ቀን 2014 ዓ.ም
 Finfine.....September 21, 2021

MAGALATA OROMIYAA

L ሥ E ሥ % Z Më ;

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo Qarshii 20 የአኒቂ " ብ ብር 20 Unit Price Birr 20	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe I % Z Më ; ብሔራዊ ርገፍ " ፣ ለ ር ፡ R r በጨፌ ኦሮሚያ ግዛት ጠቅላይ ግዛት	Lak. S. Poostaa 21383-1000 የፖ.ሳ.ቁጥር21383-1000 P.O.Box 21383-1000
--	---	--

QABIYYEE Dambii Lak. 234/2015 Dambii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Investimant Giruuppiin Hundeessuuf Bahe Lakkoofsa 234 /2015Fuula 1	ማውጫ ደንብ ቁጥር 234/2015 የመንግሥት ልማት ድርጅቶችን በኢንቨስትመንት ግሩፕ ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር 234/2015ገጽ 1	CONTENT Regulation No. 234/2022 Regulation to Establish Public Enterprises in Investment Groups, Number 234/2022Page 1
---	---	--

Dambii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Investimant Giruuppiin Hundeessuuf Bahe Lakkoofsa 234/2015	የመንግሥት ልማት ድርጅቶችን በኢንቨስትመንት ግሩፕ ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር 234/2015	Regulation to Establish Public Enterprises in Investment Groups, Number 234/2022
---	--	--

Dhaabbata misoomaa mootummaa kanaan dura sirni bulchiinsaa, qindoominniifi hojii isaanii faffaca'aa ture akkaataa gosa hojii irratti bobba'anitiin Investimant Giruuppidhaan hundees-suun sirna gabaa keessatti dorgomaa ta'uu akka danda'aniifi bu'a qabeessummaan isaanii akka dabaluu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Dhaabbata misoomaa mootummaa imaammataafi tarsiimao mootummaa hordofuun qaawwa hanqinni gabaa uumu guutuun, rakkoo cancala gabaa keessatti uumamu furuufi gatii gabaa tasgabbeessuu akka danda'an, akkasumas, fayyadamummaa hawaasa naannichaa mirkaneessuun guddina hawaas-diinagdee Naannichaafi biyyaaf akka tumsan taasisuun waan barbaachiseef;

ከዚህ በፊት የአስተዳደር ሥርዓታቸው፣ ቅንጅታቸውና አሰራሮቻቸው ተበታትኖ የነበሩ የልማት ድርጅቶችን በተሰማሩበት የሥራ ዓይነት መሠረት በኢንቨስትመንት ግሩፕ ለማቋቋም በገበያ ሥርዓቱ ውስጥ ተወዳዳሪ መሆን እንዲችሉና ውጤታማነታቸውም እንዲጨምር ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

የመንግሥት ልማት ድርጅቶች የመንግሥት ፖሊሲና ስትራቴጂን በመከተል የገበያ እጥረት የሚፈጥረውን ክፍተት መሙላት፣ በገበያ ሰንሰለቱ ውስጥ የሚፈጠሩ ችግሮችን ለመቅረፍ እና የገበያ ዋጋን ማረጋገጥ እንዲችሉ፣ እንዲሁም የክልሉን ሕብረተሰብ ተጠቃሚነት በማረጋገጥ የክልሉን ብሎም የአገርን ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ዕድገት እንዲደግፉ ማድረግ በማስፈለግ፤

WHREAS, it is found necessary to establish the public enterprises whose administration, collaboration and operation systems have been so far discrete in investment groups depending on the types of activities on which they are engaged to enable them be competent in the market system and increase their efficiency;

WHEREAS, it has become essential to enable the public enterprises fill the gaps resulted from market limitations, alleviate problems arising in the market chains and able to stabilize the market prices as well as to make them ensure the benefits of the society in the region; and thereby contribute for the socio-economic development of the region and entire country by working in compliance with the development policies and strategies of the government;

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014 Keewwata 73 (1) fi Labsii Bulchiinsa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Lakkoofsa 243/2014 Keewwata 44 (1) tiin Dambiiin kun bahee jira.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**
Dambiiin kun “Dambii Hundeeffama Investimant Giruuppii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Lakkoofsa 234 /2015” jedhamee waamu ni danda’a.
2. **Hiika**
Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, Dambii kana keessatti:
 - 1) “Biiroo” jechuun Biiroo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Oromiyaati.
 - 2) “Boordii” jechuun Boordiiwwan Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Investimant Giruuppiin bu’uura Dambii kanaa Keewwata 5tiin hundeeffamaniidha.
 - 3) “Bu’aa Qulqulluu” jechuun maallaqa galiifi kaffaltii adda addaa irraa argaman irraa baasii adda addaafi bara baajataa keessatti hojii gaggeessituu, mindaafi herregawwan seeraan baasii ta’an, gatii tilmaama dullumaa akkasumas, dhalaafi taaksiwwan adda addaa irraa hir’ifamee herrega hafu jechuudha.
 - 4) “Investimant Giruup” jechuun kan dhaabbileen misoomaa mootummaa, dhaabbilee yookiin waldaalee daldalaa akkaataa gosa hojii irratti bobba’aniin jalatti gurmaa’an bu’uura Dambii kana Keewwata 5 Keewwata Xiqqaa 1’tiin hundeeffamaniifi fuulduratti haaraa ta’anii hundaa’aniidha.

ተሻሻሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስፈጻሚ አካላት አዋጅ ቁጥር 242/2014 አንቀጽ 73 (1) እና በልማት ድርጅቶች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 234/2014 አንቀጽ 44 (1) መሠረት ይህ ደንብ ወጥቷል።

ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌዎች

1. **አጭር ርዕስ**
ይህ ደንብ “የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ኢንቨስትመንት ግሩፕ ማቋቋሚያ ደንብ ቁጥር 234/2015” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።
2. **ትርጓሜ**
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-
 - 1) “ቢሮ” ማለት የኦሮሚያ የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ቢሮ ነው።
 - 2) “ቦርድ” ማለት በዚህ ደንብ አንቀጽ 5 መሠረት በኢንቨስትመንት ግሩፕ የተቋቋሙ የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ቦርዶች ናቸው።
 - 3) “የተጣራ ትርፍ” ማለት ከልዩ ልዩ ገቢዎችና ክፍያዎች ከሚገኘው ገንዘብ ላይ የተለያዩ ወጪዎች እና በበጀት ዓመቱ ውስጥ የወጣ የሥራ ማስኬጃ ወጪ፣ ደመወዝ እና ሕጋዊ ወጪ ሒሳቦች፣ የእርጅና ቅናሽ ግምት እንዲሁም ወለድ እና የተለያዩ ታክሶች ተቀንሶት የሚተርፈው ቀሪ ሂሳብ ማለት ነው።
 - 4) “ኢንቨስትመንት ግሩፕ” ማለት የመንግሥት ልማት ድርጅቶች እና የንግድ ድርጅቶች ወይም ማህበራት በተሰማሩባቸው ተግባር ዓይነት መሠረት በሥራቸው የተደራጁና በዚህ ደንብ አንቀጽ 5 ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት የተቋቋሙ እና ወደ ፊትም አዲስ የሚቋቋሙ ናቸው።

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 73 (1) of Oromia Regional State Executive Organs Proclamation Number 242/2021 and Article 44 (1) of the Public Enterprises Administration Proclamation Number 243/2022, this regulation is hereby issued.

Part One
General Provisions

1. **Short Title**
This regulation may be cited as “Investment Group of Public Enterprises Establishment Regulation Number 234/2022”
2. **Definition**
Unless the context requires otherwise, in this regulation:
 - 1) “Bureau” means the Public Enterprises Bureau of Oromia.
 - 2) “Board” means Boards of the public enterprises established in investment group pursuant to Article 5 of this regulation.
 - 3) “Net Profit” means the balance remained after subtraction of various expenditures and operation costs, salary and lawful disbursements, depreciation prices as well as interests and various taxes in the fiscal year from the money obtained out of various proceeds and receivables.
 - 4) “Investment Group” means an entity under which the public enterprises, business organizations or associations are organized according to their business types, established and to be newly established in the future as per Article 5 (1) of this regulation.

- 5) “Labsii” jechuun Labsii Bulchiinsa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 243/2014 jechuudha.
- 6) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 7) “Pirezidaantii” jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiratiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa, Dhaabbilee yookiin Waldaalee Daldalaa Investimant Giruup jalatti gurmaa’an kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Hundeeffama, Ittiwaamama, Kaayyoo, Aangoofi Hojii Investimant Giruuppuiwwanii

Kutaa Xiqqaa Tokko

Hundeeffama, Ittiwaamamaafi Kaayyoo

5. Hundeeffama

- 1) Dhaabbileen Misoomaa Mootummaa Investimant Giruuppui kan armaan gadiiti:
 - (a) O-Produce Group;
 - (b) Oro-Assembly Group;
 - (c) Oromia Agro Group;
 - (d) Tumsa Development Group;
 - (e) Oro-Construction Group; fi
 - (f) O-Mining Group; jedhaman dhaabbilee misoomaa mootummaa, dhaabbilee yookiin waldaalee daldalaa of jalaa qaban ta’anii Dambii kanaan hundeeffamanii jiru.
- 2) Ittiwaamamni Investimant Giruuppuiwwanii Biirichaaf ta’a.

- 5) "አዋጅ" ማለት የኦሮሚያ የመንግሥት ልማት ድርጅቶች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 243/2014 ማለት ነው።
- 6) "መንግሥት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ነው።
- 7) "ፕሬዝዳንት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ነው።

3. የጾታ አገላለጽ

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለጸው ማንኛውም ቃል የሴት ጾታንም ይጨምራል።

4. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ ደንብ በኢንቨስትመንት ግሩፕ ሥር በተደራጀ ማንኛውም የመንግሥት ልማት ድርጅት እና የንግድ ድርጅት ወይም ማህበር ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

ክፍል ሁለት

የኢንቨስትመንት ግሩፖች መቋቋም፣ ተጠሪነት፣

ዓላማ እንዲሁም ሥልጣንና ተግባር

ንዑስ ክፍል አንድ

መቋቋም፣ ተጠሪነት እና ዓላማ

5. መቋቋም

- 1) የሚከተሉት የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ኢንቨስትመንት ግሩፖች፡-
 - (ሀ) አ-ፕሮዲዩሽን ግሩፕ፤
 - (ለ) አሮ-አሴምብሊ ግሩፕ፤
 - (ሐ) አሮሚያ አግሮ ግሩፕ፤
 - (መ) ቱምላ ዴቪለፕመንት ግሩፕ፤
 - (ሠ) አሮ-ኮንስትራክሽን ግሩፕ፤ እና
 - (ረ) አ-ማይኒንግ ግሩፕ፤ የሚባሉት የመንግሥት ልማት ድርጅቶችን እና የንግድ ድርጅቶችን ወይም ማህበራትን በሥራቸው የያዙ የኢንቨስትመንት ግሩፖች በመሆን በዚህ ደንብ ተቋቁመዋል።
- 2) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ተጠሪነት ለቢሮው ይሆናል።

- 5) “Proclamation” means the Public Enterprises Administration Proclamation of Oromia Region Number 243/2022.
- 6) “Government” means Oromia Regional Government.
- 7) “President” means president of Oromia National Regional State.

3. Gender Reference

In this regulation, any term expressed in masculine gender shall also apply to the feminine gender.

4. Scope of Application

This regulation shall be applicable to any Public Enterprises, Business Organizations or Associations organized under Investment Group.

Part Two

Establishment, Accountability, Objective, Power and Duties of Investment Groups

Sub Part One

Establishment, Accountability and Objective

5. Establishment

- 1) The followings are Investment Groups of Public Enterprises:
 - (a) O-Produce Group;
 - (b) Oro- Assembly Group;
 - (c) Oromia Agro-Group;
 - (d) Tumsa Development Group;
 - (e) Oro-Construction Group; and
 - (f) O-Mining Group; are established by this regulation holding subsidiary public enterprises, business organizations or associations under them.
- 2) Accountability of the Investment Groups shall be to the Bureau.

- 3) Tarreeffamni maqaa dhaabbilee misoomaa mootummaa, dhaabbilee yookiin waldaalee daldalaa Investimant Giruuppiiwwan jalatti gurmaa’anii Duuka Deemtuu ta’ee Dambii kanaan walqabatee jira.
- 4) Biirichi dhaabbilee misoomaa mootummaa, dhaabbilee yookiin waldaalee daldalaa Investimant Giruuppiiwwan jalatti gurmaa’an hir’isuu, dabaluu yookiin haaraa hundeeffaman gurmeessuu ni danda’a.
- 5) Biirichi Investimant Giruuppii haaraa hundeesuu, diiguu yookiin waljala jijjiiruu ni danda’a.
- 6) Investimant Giruuppiiwwan kun Labsii, Dambiifi Qajeelfama Bulchiinsa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa, seerota rogummaa qaban kan biroofi Dambii kanaan kan bulan ta’a.

6. Teessoo Waajjira Muummee
Teessoon Waajjira Muummee Investimant Giruuppiiwwanii Magaalaa Finfinnee ta’ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti bakka biraatti dameelee qabaachuu ni danda’u.

7. Kaayyoo
Hundeeffamni Investimant Giruuppiiwwanii kaayyoo armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojiiwwan ijaarsaa, maanufaakchariingii, qonnaa, makaanizashinii qonnaafi bu’aalee qonnaa, albuudaa, daldalaa, misooma riil isteetii, turizimii, rizoortii, loojistiksiifi geejjibaa dabalatee tajaajiloota adda addaa irratti hirmaachuun qaawwa gabaa guutuufi gabaa tasgabbeessuun fayyadamummaa ummataa mirkaneessuu;

- 3) በኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥር የተደራጁ የመንግሥት ልማት ድርጅቶች፣ የንግድ ድርጅቶች ወይም ማህበራት ሥም ዝርዝር በአባሪነት ከዚህ ደንብ ጋር ተያይዟል።
- 4) ቢሮው በኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥር የተደራጁ የመንግሥት ልማት ድርጅቶችን፣ የንግድ ድርጅቶች ወይም ማህበራትን ሊቀንስ፣ ሊጨምር ወይም አዲስ የተቋቋሙትን ሊያደራጅ ይችላል።
- 5) ቢሮው አዲስ ኢንቨስትመንት ግሩፕ ሊያቋቁም፣ ሊያፈርስ ወይም እርስ በርሳቸው ሊያቀያይር ይችላል።
- 6) እነዚህ የኢንቨስትመንት ግሩፖች በመንግሥት ልማት ድርጅቶች አስተዳደር አዋጅ፣ ደንብና መመሪያ፣ አግባብነት ባላቸው ሌሎች ሕጎች እና በዚህ ደንብ መሠረት የሚተዳደሩ ይሆናል።

6. የዋና መሥሪያ ቤቱ አድራሻ
የኢንቨስትመንት ግሩፖች ዋና መሥሪያ ቤት ፊንፊኔ ከተማ ሆኖ፣ አንደ አስፈላጊነቱ በሌሎች ሥፍራዎችም ቅርንጫፍ ጽሕፈት ቤቶች ሊኖራቸው ይችላል።

7. ዓላማ
የኢንቨስትመንት ግሩፖች መቋቋም የሚከተለው ዓላማ ይኖረዋል፡-

- 1) በግንባታ፣ በማኑፋክቸሪንግ፣ በግብርና፣ በግብርና እና ግብርና ውጤቶች ሜካናይዘሽን፣ በማዕድን፣ ንግድ፣ የሪል ስቴትስ ልማት፣ በቱሪዝም፣ ሪዞርት፣ ሎጂስቲክስ እና ትራንስፖርት ሥራዎችን ጨምሮ የተለያዩ አገልግሎቶች አቅርቦት ላይ በመሣተፍ የገበያ ክፍተቱን በመሙላትና ገበያውን በማረጋገጥ የሕዝቡን ተጠቃሚነት ማረጋገጥ፤

- 3) List of names of the public enterprises, business organizations or associations organized under Investment Groups is attached as an annex to this regulation.
- 4) The Bureau may decrease or increase the public enterprises, business organizations or associations organized under Investment Groups or organize the newly established ones.
- 5) The Bureau may newly establish, dissolve or interchange the Investment Groups.
- 6) These Investment Groups shall be administered or governed by the proclamation, regulation and directives of public enterprises administration, other relevant laws and by this regulation.

6. Head Office
The Head Office of Investment Groups shall be in Finfine City, and it may also have branch offices elsewhere as may be necessary.

7. Objectives
Establishment of the Investment Groups shall have the following objectives:

- 1) To fill the market gaps and stabilize the market prices thereby ensure the benefits of the people by engaging in activities as construction, manufacturing, agriculture, agriculture and agricultural products mechanization, mining, trade, real estate developments, tourism, resorts, logistics and transport as well as on services;

- 2) Imaammataafi tarsiimoo misoomaa mootummaa hordofuun sirna gabaa keessatti dorgomee bu'aa buufachuun madda galii dabalataa ta'uufi carraa hojii uumuun guddina hawaas-diinagdee naannichaa mirkaneessuu;
- 3) Tarsiimoo haala mijataa Investimantii qindoomina abbootii qabeenyaa biyya keessaafi alaa waliin uumuu dandeessisu bocuu, qabeenya dhaabbilee kanaa walitti qindeessuun kanneen hanga ammaatti hojiirra hin ooliin bu'a olaanaaf akka oolaniifi galii hojiiwwan daldalaa dhaabbilee kana irraa argamu akka guddatu taasisu;
- 4) Hojiiwwan Investimantii raawwatamu keessatti hawaasa naannichaa kallattiin hirmaachisuun fayyadamaa bu'aa diinagdee akka ta'u taasisuu; fi
- 5) Giddugala teknolojiifi kalaqaa ta'uun cehumsa gara industiriitti taasifamu dhugoomsuu.

- 2) የመንግሥትን የልማት ፖሊሲና ስትራቴጂ ተከትሎ በገበያ ሥርዓቱ ውስጥ ተወዳድሮ ትርፋማ በመሆን ተጨማሪ የገቢ ምንጭ ሆኖ መውጣት እና የሥራ ዕድልን በመፍጠር የክልሉን ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ዕድገት ማረጋገጥ፤
- 3) በአገር ውስጥና በውጭ ሀገር ባለሐብቶች መካከል ምቹ የኢንቨስትመንት ጥምረትን መፍጠር የሚያስችል ስትራቴጂን በመንደፍ፤ የዝቢህን ድርጅቶች ሐብት በማቀናጀት እስካሁን ሥራ ላይ ያልዋሉትን ለላቀ ትርፋማነት እንዲውሉ እና ከዝቢህ ድርጅቶች የንግድ ሥራዎች የሚገኘው ገቢም እንዲያደግ ማድረግ፤
- 4) በሚካሄዱት የኢንቨስትመንት ሥራዎች ውስጥ የክልሉን ሕብረተሰብ በቀጥታ በማሳተፍ የኢኮኖሚ ትሩፋቱ ተጠቃሚ እንዲሆን ማድረግ፤ እና
- 5) የቴክኖሎጂና የፈጠራ ማዕከል በመሆን ወደ ኢንዱስትሪ የሚደረገውን ሽግግር ዕውን ማድረግ።

- 2) Complying with the development policies and strategies of the government, to emerge as an additional source of income by deriving profits through competing in the free-market system and creating job opportunities, to ensure the socio-economic development of the region;
- 3) To devise favorable investment strategy that help to create collaboration between the local and foreign investors; by coordinating the resources of these organizations together and to make those which so far have remained idle to be used for greater benefits thereby maximize profitability of their business activities and increase revenue;
- 4) To directly engage the community in the region on the investment activities underway and help them reap the economic proceeds; and
- 5) To become center of technologies and innovation, and thereby ensure the transition towards industrialization.

Kutaa Xiqqaa Lama

Aangoofi Hojii Investimant Giruup-piiwwanii

8. Aangoofi Hojii Waliinii Dhaabbilee Investimant Giruuppii

- Aangoofi hojii Dambii kanaafi bu'uura seera birootiin kenamaniif akkuma eegametti ta'ee, Investimant Giruuppiin Dambii kanaan hundaa'ae aangoofi hojii waliinii armaan gadii ni qabaata:
- 1) Dhaabbilee daldala adda addaa sheerii guutummaan guutuu yookiin walakkaa ol qabeenya mootummaa ta'an isa jala jiru hanga qooda aksiyoona isaatiin yaa'ii waliigalaa keessatti ni hirmaata;
 - 2) Dhaabbilee daldalaa dhuunfaa keessaa qooda aksiyoona bitatee qabu ni bulcha; bu'aa argamu irraa hanga gahee mootummaa Fandii Misoomaafi Industriittii galii akka ta'u ni taasisa;
 - 3) Hayyama Biirichaatiin qoran-

ገዕዝ ክፍል ሁለት

የኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥልጣንና ተግባር

8. የኢንቨስትመንት ግሩፕ ድርጅቶች የጋራ ሥልጣንና ተግባር

- በዚህ ደንብና ሌሎች ስነ ስርዓት መሠረት የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ በዚህ ደንብ የተቋቋመ የኢንቨስትመንት ግሩፕ የሚከተለው የጋራ ሥልጣንና ተግባራት ይኖረዋል፡-
- 1) በሥሩ ያሉና ሙሉ በሙሉ ወይም ከግማሽ በላይ ድርሻቸው የመንግሥት ንብረት የሆኑ የተለያዩ የንግድ ድርጅቶች በአክሲዮን ድርሻው መጠን በጠቅላላ ጉባዔው ላይ ይሳተፋል፤
 - 2) በግል የንግድ ድርጅቶች ውስጥ የገዛውን አክሲዮን ያስተዳድራል፤ ከሚገኘው ትርፍም የመንግሥትን ድርሻ ወደ ልማትና ኢንዱስትሪ ፈንድ ገቢ እንዲሆን ያደርጋል፤

Sub Part Two

Power and Duties of Investment Groups

8. Common Power and Duties of Investment Group Organizations

Without prejudice to the power and duties assigned to them under this regulation and other laws, Investment Group established by this regulation shall have the following power and duties:

- 1) Take part on the general assembly of various business organizations which the whole or more than half of the shares are government holdings operating under it to the extent of its shares;
- 2) Administer the shares it has purchased from the private business organizations; cause the profit dividend of the government to be deposited in to the Development and Industry Fund;

- noo irratti hundaa'uudhaan hojii Investimantii adda addaa irratti dhaabbilee dhuunfaa biyya keessaa yookiin biyya alaa waliin michoomaan ni hojjeta;
- 4) Hayyama Biirichaatiin qorannoo irratti hundaa'uun waldaa daldalaa haaraa ni hundeesa; kan jiru ni babal'isa; qooda aksiyoonaa ni bitata; ni gurgura; dhaabbata hundaa'e ni diiga; walitti ni maka;
- 5) Teknolojiiwwan ammayyaa'aa bu'a qabeessa ta'an madaqsuu yookiin haaraa kalaquun hojiirra ni oolcha; ummanni naannichaa akka itti fayyadamu ni beeksisa;
- 6) Aangoofi hojii akkaataa Seera Daldalaa Itiyoohiphiyaatiin Kaampaanii Giruuppitiif kennameef ni hojjeta;
- 7) Herrega baankii Biiricha hayyamsiisee ni bana; ni sochoosa;
- 8) Qabeenya ni horata; ni bulcha; bu'uura seeraatiin qaama sadaf-faa waliin waliigaltee ni seena; ni himata; ni himatama;
- 9) Hojii dabalataa Biiricha yookiin Boordicha irraa kennamuuf kan biroo ni raawwata;
- 10) Aangoofi hojii Investimant Giruuppiif dambii kanaan kennameef akkuma eegametti ta'ee, dhaabbilee misoomaa mootummaa seeraan kennameef, akkasumas dhaabbilee yookiin waldaalee daldalaatiif barreeffama hundeeffamaa isaanii keessatti kennameef ni qabaata;
- 11) Hojiiwwan biroo kaayyoo hundeeffamaniif galmaan gahuuf gargaaran ni raawwata.

- 3) ቢሮውን በማስፈቀድ በጥናት ላይ ተመስርቶ ከሐገር ውስጥ ወይም ከውጭ ሐገር የገል ድርጅቶች ጋር በኢጋርነት የተለያዩ የኢንቨስትመንት ሥራዎችን ይሰራል፤
- 4) የቢሮውን ፈቃድ በማግኘትና ጥናት ላይ በመመሥረት አዲስ የንግድ ማህበር ያቋቁማል ያለውንም ያስፋፋል፤ የአክሲዮን ድርሻ ይገዛል፤ ይሸጣል፤ የተቋቋመ ድርጅትን ያፈርሳል፤ ያዋህዳል፤
- 5) ውጤታማ የሆኑ ዘመናዊ ቴክኖሎጂዎችን በማላመድ ወይም አዲስ በማመንጨት ሥራ ላይ ያውላል፤ የክልሉ ህዝብ እንዲጠቀምበትም ያስተዋውቃል፤
- 6) በኢትዮጵያ የንግድ ስግ መሠረት ለካምፓኒ ግሩፕ የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባር ይፈጽማል፤
- 7) ቢሮውን በማስፈቀድ የባንክ ሒሳብ ይክፍታል፤ ያንቀሳቅሳል፤
- 8) ሐብት ያፈራል፤ ያስተዳድራል፤ በሕጉ መሠረት ከሦስተኛ ወገን ጋር የውል ሥምምነት ይገባል፤ ይከሰታል፤ ይከሰሳል፤
- 9) በቢሮው ወይም በቦርዱ የሚሰጠውን ሌሎች የንግድ ሥራዎች ያከናውናል፤
- 10) በዚህ ደንብ መሠረት ለኢንቨስትመንት ግሩፕ የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ ለመንግስት ልማት ድርጅቶች በስግ የተሰጠው፤ እንዲሁም ለንግድ ድርጅቶች ወይም ማህበራት በመተዳደሪያ ጽሑፋቸው ውስጥ የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፤
- 11) የተቋቋሙበትን ዓላማ ለማግኘት የሚረዱ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል።

- 3) Under authorization of the Bureau and based on research, engage in various investment works in partnership with domestic or foreign private organizations on various investment works;
- 4) Under authorization of the Bureau, based on research, establish new business association; expand the existing ones; purchase; sell shares; dissolve; merge the established organization;
- 5) Adopt or invent new efficient modern technologies and implement them; promote same to the public to use them;
- 6) Exercise the power and duties assigned to the Company Groups as per the Commercial Law of Ethiopia;
- 7) Up on the authorization of the Bureau, opens and runs the bank account;
- 8) Own; administer properties; enter in to contractual agreements with third parties in accordance with the law; sue or be sued;
- 9) Perform additional duties assigned to him by the Bureau or the Board;
- 10) Save to the power and duties assigned to Investment Groups pursuant to this regulation, it shall have the power and duties assigned to public enterprises by law and to business organizations or associations in their article of establishments;
- 11) Perform other activities that help attain their establishment objectives.

9. Aangoofi Hojii O-Produce Group

O-Produce Group aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojiiwwaan oomishaa, gurgurtaafi tajaajila chiippuudii, istaayiroofoomii, meeshaalee koornisii, manaafi biiroo adda addaa, akkasumas utubaa elektiriikiifi muka dallaa dhaabbii affeeluu irratti akka bobba'an ni taasisa;
- 2) Hojii waliigalaa sibiilaa, misooma sibiilaa alaafi hojiilee walfakkaatan biroo irratti akka bobba'an ni taasisa;
- 3) Hojii maxxansa kitaabaa-fi dabtara barnootaa, nagahee, mallattoolee daldalaa, ajandaa, kalaandara, baajii, waraqaa eenyummeessaa, gaazexaafi biroosharoota adda addaa, akkasumas chaappaa bocuufi hojii dijitaalaa fi fileeksigiraaf irratti akka bobba'an ni taasisa;
- 4) Iddoo adda addaatti giddugala raabsaa hundeesuun galtee maxxansaafi meeshaalee barreessaa biyya alaa irraa galchuun, akkasumas bu'aalee maxxansaa akka raabsamu ni taasisa;
- 5) Warshaan waraqaa palpaa akka hundeeffamu, oomisha waraqatiif galtee kan ta'an hojii misooma bosonaafi qonnaa irratti akka bobba'an ni taasisa;
- 6) Hojii ujummoo sibiilaafi pilaastikaa qulqullinaan oomishuufi gabaa biyya keessaafi alaatiif akka dhiyeessu ni taasisa;
- 7) Dhugaatii gosa gara garaa kan akka alkoolii, al-alkoolii, lallaa-faa, cuunfaa, bishaan, albuudaa-fi kennottoo gosa adda addaa oomishuun gabaa biyya keessaafi alaatiif akka dhiyeessan ni taasisa;
- 8) Meeshaalee dheedhii oomisha dhugaatiif oolan biyya alaa irraa galchuu, galtee oomisha dhugaatiifi oolan qalasa, pilaastika, xaarmusa, qadaadduu xaarmusaafi meeshaalee aguuggii gara garaa oomishuun akka dhiyeessu ni taasisa;

9. የኦ-ፕሮዲዩስ ግሩፕ ሥልጣንና ተግባር

ኦ-ፕሮዲዩስ ግሩፕ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) በቺፑድ፣ ስታይሮፎም፣ ልዩ ልዩ የኮርኒስ፣ የቤትና የቢሮ ዕቃዎች፣ ማምረት፣ ሽያጭና አገልግሎት ሥራዎች፣ እንዲሁም በኤሌክትሪክ ምሰሶ እና የአጥር ቋሚ እንጨት ቅቀላ ሥራዎች ላይ እንዲሰማሩ ያደርጋል፤
- 2) በጠቅላላ የብረት ሥራ፣ በውጭ ብረት ልማት እና ሌሎች ተመሳሳይ ሥራዎች ላይ እንዲሰማሩ ያደርጋል፤
- 3) የመማሪያ መጽሐፍና ደብተር፣ ደረሰኝ፣ የተለያዩ ማህተሞች፣ አጀንዳ፣ ካሌንደር፣ ባጅ፣ መታወቂያ፣ ጋዜጣ እና ልዩ ልዩ ብሮሽሮች ስትመት ሥራዎች፣ እንዲሁም ማህተም ቀረጻ እና የዲጂታልና ፍሌክስ ግራፍ ሥራ ላይ እንዲሰማሩ ያደርጋል፤
- 4) በተለያዩ ስፍራዎች የማከፋፈያ ማዕከላትን በማቋቋም የስትሙት ግብዓቶችንና የጽሁፍ መሣሪያዎችን ከውጭ ሀገር በማስገባት፣ እንዲሁም የስትሙት ውጤቶች እንዲከፋፈሉ ያደርጋል፤
- 5) የፕልፕ ወረቀት ፋብሪካ እንዲቋቋም፣ ለወረቀት ምርት ግብዓት በሆኑት የደን ልማትና ግብርና ሥራዎች ላይ እንዲሰማሩ ያደርጋል፤
- 6) የብረትና የፕላስቲክ ተዕዛዞችን በጥራት በማምረት ሥራ እና ለሃገር ውስጥና ለውጭ ሃገር ገበያ እንዲያቀርቡ ያደርጋል፤
- 7) የተለያዩ ዓይነት መጠጦች እንደ አልኮል፣ ከአልኮል ነጻ፣ ለስላሣ፣ ጭማቂ፣ ውሃ፣ ማዕድን እና የተለያዩ ዓይነት ኪኖቶዎች በማምረት ለሃገር ውስጥና ለውጭ ሃገር ገበያ እንዲያቀርቡ ያደርጋል፤
- 8) ለመጠጥ ምርት የሚውሉ ጥሬ ዕቃዎችን ከውጭ ሀገር ማስገባት፣ ለመጠጦች ምርት የሚውሉ ግብዓቶችን እንደ ጣሳ፣ ፕላስቲክ፣ ጠርመራ፣ የጠርመራ ክዳኖች እና የተለያዩ የማሽኒያ መሳሪያዎችን በማምረት እንዲያቀርቡ ያደርጋል፤

9. Power and Duties of O-Produce Group

O-Produce Group shall have the following power and duties:

- 1) Cause to engage in activities of production, sale and services of chipwood, Styrofoam; roofing equipment, various household and office furniture, as well as electric and cooking of fencing poles;
- 2) Cause to engage in general metal works, outdoor metal development and other similar works;
- 3) Make to engage in publishing of text books and exercise books, receipts, trademarks, agendas, calendar, badges, identity cards, newspapers and various brochures; as well as engraving stamps and digital and flaxy graph works;
- 4) By establishing distribution centers at various places, import printing inputs and stationaries from abroad and cause printing products to be distributed;
- 5) Cause pulp and paper factory to be established; and make to engage in forestry and agriculture development works which are the raw materials for paper products;
- 6) Produce quality metal and plastic pipes and cause to be supplied for domestic and foreign markets;
- 7) Produce various kinds of beverages like alcoholic, non-alcoholic, soft drinks, juices, water, minerals, various types of kenoto drinks and cause them to supply these products for domestic and foreign markets;
- 8) Importing raw materials to be used for production of beverages from abroad, cause to produce and supply raw materials or inputs used for production of beverages like buckets, plastic containers, bottles, bottle pins and various corks;

9) Hojiilee oomishaalee maanufaakchariingii walfakkaatan biroo hunda irratti akka hirmaatan ni taasisa.

10. Aangoofi Hojii Oro-Assembly Group

ORO-Assembly Group aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Maanufakchariingiifi assambiliingii, tireelarii, konkolaatoota, mootorsaayikilii, saayikilii, bidiruu, pilaastikaa, paampii bishaanii, jallisii, meeshaalee teknolojii odeeffannoo, meeshaalee galteefi jijjiirraa konkolaataa, jeneretaraa, meeshaalee yaalaa, elektirooniksii, maashinoota hojii qonnaa, industiriifi ijaarsaa oomishuufi gabaa biyya keessaafi alaatti erguu irratti akka bobba'an ni taasisa;
- 2) Warshaalee xaa'oo, simintoo, shukkaaraafi nyaata qindeessuu ijaaruu, oomishuufi raabsuu, fi hojii qonnaafi agiroo industirii irratti akka bobba'an ni taasisa;
- 3) Hojiilee maanufaakchariingiifi assambiliingii walfakkaatan biroo hunda irratti akka hirmaatan ni taasisa.

11. Aangoofi Hojii Oromia Agro Group

Oromia Agro Group aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojimaataafi teeknolojii ammayyaa'aa oomisha duraafi boodaa fayyadamuun oomishaaleen qonnaa galtee industirii ta'uu danda'an baay'inaan, akaakuufi qulqullinaan akka oomishaman, gabaa biyyaa keessaafi alaatti akka dhiyaatu, akkasumas, walitti hidhamiinsa industiriifi qonnaa akka cimuu ni taasisa;

9) በሌሎች ተመሳሳይ የማኑፋክቸሪንግ ምርቶች ሥራዎች ሁሉ ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል።

10. የኦሮ-አሴምብሊ ግሩፕ ሥልጣንና ተግባር

ኦሮ-አሴምብሊ ግሩፕ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) በትራለር፣ ተሽከርካሪዎች፣ ሞተር ሳይክል፣ ሳይክል፣ ጆልባ ማኑፋክቸሪንግና አሴምብሊንግ፣ የፕላስቲክ፣ የውሃ ፓምፕ፣ የመስኖ፣ የኢንፎርሜሽን ቴክኖሎጂ መሣሪያዎች፣ የተሽከርካሪና የጅነሬተር ግብዓትና መለዋወጫ ዕቃዎች፣ የሕክምና መሣሪያዎች፣ የግብርና፣ ኢንዱስትሪና የግንባታ ሥራ ማሽኖችን ማምረት እና ለሃገር ውስጥና ለውጭ ሃገር ገበያ ማቅረብ ሥራ ላይ እንዲሰማሩ ያደርጋል፤
- 2) የማዳበሪያ፣ የሲሚንቶና የስኳር ማምረቻና የምግብ ማቀነባበሪያ ፋብሪካ መገንባት፣ በማምረትና ማከፋፈል፣ እንዲሁም በግብርናና አግሮ-ኢንዱስትሪ ሥራ ላይ እንዲሰማሩ ያደርጋል፤
- 3) ሌሎች መሰል የማኑፋክቸሪንግና አሴምብሊንግ ተግባራት ሁሉ ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል።

11. የኦሮሚያ አግሮ ግሩፕ ሥልጣንና ተግባር

ኦሮሚያ አግሮ ግሩፕ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) ዘመናዊ የቅድመ ምርትና ድህረ ምርት አሰራርና ቴክኖሎጂን በመጠቀም የኢንዱስትሪ ግብዓት ሊሆኑ የሚችሉ የግብርና ምርቶች በብዛት፣ በዓይነትና በጥራት እንዲመረቱ፣ ለሃገር ውስጥና ለውጭ ሃገር ገበያ እንዲያቀርቡ፣ እንዲሁም የኢንዱስትሪና ግብርና ትስስር እንዲጠነክር ያደርጋል፤

9) Cause them to engage in all other similar manufacturing activities.

10. Power and Duties of Oro- Assembly Group

Oro-Assembly Group shall have the following power and duties:

- 1) Cause them to engage in manufacturing and assembling of trailers, vehicles, motor bicycles, bicycles, boats, plastics, water pumps, irrigation pumps, information technology equipment, inputs and spare parts of vehicles, generators, health care materials, electronics, machines of agricultural, industrial and construction works and supply for domestic and foreign markets;
- 2) Cause them to engage in construction, production and distribution of fertilizer, cement, sugar and food processing plants, and on agriculture and agro- industry activities;
- 3) Cause them to engage in all other works similar to manufacturing and assembling activities.

11. Power and Duties of Oromia Agro-Group

Oromia Agro-Group shall have the following power and duties:

- 1) Cause the production of agricultural products which can be used as raw materials of industry by using pre harvest and post-harvest work systems and modern technologies in quantity, kinds and quantity and supplied for the domestic and foreign markets; as well as cause for industry and agriculture linkage to be strengthened;

- 2) Paarkiiwwan Industirii Qonna Qindaa'aa, Giddugaloota Ce'umsa Baadiyyaafi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa gidduutti akkasumas, Paarkiiwwan Industirii kilaastarootaafi industirii maanufaakcharingii gidduutti qindoominni akka uumamu ni taasisa;
- 3) Qaawwa dhiyeessiifi fedhii gabbaa biyya keessaafi alaa gidduu jiru qo'achuudhaan oomishtoota waliin walta'iinsa uumuudhaan oomisha kuduraafi muduraa sadarkaa isaa eeggate gabaaf akka dhiyaatu ni taasisa;
- 4) Oomisha kuduraafi muduraa dheedhii yookiin galtee itti dabaluun gabaa biyya keessaafi biyya alaatiif akka dhiyaatu ni taasisa;
- 5) Galteewwan yookiin callaa guddistuu qonnaa kuduraafi muduraa biyya alaa irraa akka galuufi raabsamu ni taasisa;
- 6) Sanyii gosa midhaanii barbaachisaa ta'an, oomishaalee adda addaa qonnaan bulaafi fayyadamtota biroof biyya alaa irraa akka galee raabsamu ni taasisa;
- 7) Akaakuu sanyii midhaaniifi nyaata beeyiladaa gosa adda addaa sadarkaa haadhoo irraa kaasee hanga mirkanaa'etti lafa dhaabbilee misoomaa mootummaa, dhuunfaafi qonnaa bulaa irratti qulqullina isaa eegee akka baayyat-uufi maamilaaf akka dhiyaatu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;
- 8) Qabeenya bosonaafi bakka eegumsa bineensa bosonaa kons-eeshiniidhan itti kenname hirmaannaa ummataatiin akka eegamuufi kunuunfamuu ni taasisa;
- 9) Misooma bosonaa akka gaggeeffamuufi ummanni naanichaa hojii kana keessatti bal'inaan akka hirmaatan deeggersi barbaachisu kennuun uwwisni bosona naanichaa akka guddatu ni taasisa;

- 2) በተቀናጀ የግብርና ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ በገጠር ትራንስፎርሜሽን ማዕከላት እና በግብርና ምርት ማከማቻ ጣቢያዎች መካከል፣ እንዲሁም በክላስተር ኢንዱስትሪ ፓርኮች እና በማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ መካከል ቅንጅት እንዲፈጠር ያደርጋል፤
- 3) በአገር ውስጥና በውጭ አገር ገበያ አቅርቦትና ፍላጎት መካከል ያለውን ክፍተት በማጥናትና ከአምራቾች ጋር ስምምነት በመፍጠር ደረጃውን የጠበቀ የአትክልትና ፍራፍሬ ምርት ለገበያ እንዲቀርብ ያደርጋል፤
- 4) ያልተቀናበረ የአትክልትና ፍራፍሬ ምርት ወይም ግብዓት በመጨመር ለሐገር ውስጥና ለውጭ ሐገር ገበያ እንዲቀረብ ያደርጋል፤
- 5) የአትክልትና ፍራፍሬ ግብርና ግብዓቶች ወይም የምርት ማሳደጊያዎች ከውጭ አገር እንዲገባና እንዲሰራጭ ያደርጋል፤
- 6) አስፈላጊ የሆኑ የእህል ዘር ዓይነቶች፣ እንዲሁም የተለያዩ ምርቶች ከውጭ ሐገር እንዲገባና ለአርሶ አደሩና ለሌሎች ተጠቃሚዎች እንዲሰራጭ ያደርጋል፤
- 7) የእህል ዘር ዓይነት እና የተለያዩ የእንሰሳት መኖሪያዎች ከእናት ደረጃ ጀምሮ እስከተረጋገጠው ድረስ በልማት ድርጅቶች፣ በግል እና በአርሶ አደሩ መራት ላይ ጥራቱን ጠብቆ እንዲባዛና ለደንበኛ እንዲቀርብ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
- 8) በኮንሴሽን የተሰጠውን የደን ሐብትና የዱር አራዊት ጥብቅ ቦታን በሕዝብ ተሳትፎ እንዲጠበቅና እንክብካቤ እንዲደረግለት ያደርጋል፤
- 9) የደን ልማት እንዲካሄድ እና የክልሉ ሕዝብ እዚህ ሥራ ላይ በስፋት ይሳተፍ ዘንድ አስፈላጊውን ድጋፍ በማድረግ የክልሉ ደን ሽፋን እንዲያድግ ያደርጋል፤

- 2) Cause for ensuring collaboration amongst industrial parks, integrated agriculture, rural transformation centers and agricultural products storing stations; as well as amongst industrial parks, clusters and manufacturing industries;
- 3) Through identifying the gap of domestic and foreign market demand and supply and collaborating with the producers, cause standard quality vegetables and fruits to be supplied for the market;
- 4) Cause non processed or processed vegetables and fruits products to be supplied for the domestic and foreign markets;
- 5) Cause agricultural inputs or production enhancers of vegetables and fruits to be imported from abroad and distributed;
- 6) Cause necessary variety of crop seeds and various productions to be imported from abroad and distributed for the farmers and for other users;
- 7) Cause various kinds of crop seeds and animal forage from ancestor level up to approved ones to be reproduced on the lands of public enterprises, private persons and on the farmers' land in standard quality and distributed for the customers; follow up; control same;
- 8) Cause forest resources and wild animals protection area given to it in concession to be protected and conserved by the participation of the public;
- 9) Provide necessary support for forest development to be conducted and for the people in the region to widely engage in such activity; and thereby increase the forest coverage of the region;

- 10) Qabeenya bosonaa jiru haalla itti fufiinsaafi bu'a qabeessa ta'een faayidaa irra akka oolu tasisuudhaan bu'aa bosonaa gosa adda addaa gabaa biyya keessaafi alaatiif akka dhiyaatu ni taasisa;
- 11) Warshaan qindeessa bu'aafi nyaata beeyiladaa, akkasumas, dhaabbata qalma horii ammayyaa'aaan akka hundeeffamu ni taasisa;
- 12) Hojii horsiisa, furdisaafi raabsa sanyii fooyya'aa beeyiladaafi bu'aa beeyiladaa oomishamuun gabaa biyya keessaafi alaatti akka dhiyaatu ni taasisa;
- 13) Qorichaafi meeshaalee tajaajila fayyaa beeyiladaa akkasumas teknoolojiwwan adda addaa biyya alaa irraa galchuun akka raabsamu ni taasisa;
- 14) Hojiiilee daldalaafi oomishaalee qonnaa walfakkaatan biroo hunda irratti akka hirmaatan ni taasisa.

12. Aangoofi Hojii Tumsa Development Group

Tumsa Development Group aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojiiwwan daldala biyya keessaafi alaa jimaa, farra aramaafi ilbiisotaa, callaa guddistuwwaniifi daldala waliigalaa alaa galchuu, alatti erguu, raabsuu, jimlaafi qinxaaboo irratti akka hirmaatan ni taasisa;
- 2) Hojiiwwan agroo pirosasiingiifi industirii, oomisha avokaadoofi zayita avokaadoofi kuduraafi muduraa gabaa biyya alaatti erguu irratti akka bobba'u ni taasisa.
- 3) Tajaajila geejjiba lafoofi qilleensaa, deddeebisa ummataa, fe'umsa dhangala'aafi goggogaa, tiraanziitii, gumuruukaa, kiraa konkolaataafi daawwachiisuu, adamoo, akkasumas, leenjii konkolaachisummaa irratti akka hirmaatan ni taasisa;

- 10) ያለውን የደን ሀብት በዘላቂነት እና ውጤታማ በሆነ መንገድ ጥቅም ላይ እንዲውል በማድረግ የተለያዩ አይነት የደን ውጤቶችን ለሐገር ውስጥና ለውጭ ሐገር ገበያ እንዲቀርቡ ያደርጋል፤
- 11) የእንስሳት ውጤቶችን መኖ ማቀነባበሪያ ፋብሪካ፣ እንዲሁም ዘመናዊ የክብቶች እርድ አገልግሎት መስጫ ድርጅት እንዲቋቋም ያደርጋል፤
- 12) የእንስሳት እርባታ፣ ማድለብ እና የተሻሻሉ እንስሳት ዘርፍ ማከፋፈል ሥራ እና የእንስሳት ውጤቶች ተመርተው ለሐገር ውስጥና ለውጭ ሐገር ገበያ እንዲቀርቡ ያደርጋል፤
- 13) የእንስሳት መድሃኒትና የእንስሳት ጤና አገልግሎት ዕቃዎች፣ እንዲሁም የተለያዩ ቴክኖሎጂዎችን ከውጭ ሐገር በማስገባት እንዲከፋፈል ያደርጋል፤
- 14) ሌሎች መሰል የንግድና የግብርና ምርቶች ሥራዎች ሁሉ ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል።

12. የቱምሳ ዴቪለፕመንት ግሩፕ ሥልጣንና ተግባር

ቱምሳ ዴቪለፕመንት ግሩፕ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) የጫት፣ ጸረ-አረምና ጸረ-ተባይ፣ የምርት ማሳደጊያዎች የሐገር ውስጥና የውጭ ሐገር ንግድ ሥራዎች እና የአስመጪነት፣ የላኪነት፣ የከፋፈል፣ ጅምላ እና ችርቻሮ ጠቅላላ ንግድ ሥራዎች ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል፤
- 2) አግሮ-ፕሮሰሲንግና ኢንዱስትሪ ሥራዎች፣ የአሽካይና አሽካይ ዘይት ምርት እና የአትክልትና ፍራፍሬ ምርቶችን ለውጭ ገበያ መላክ ተግባር ላይ እንንሰማሩ ያደርጋል፤
- 3) የየብስና የአየር ትራንስፖርት፣ የሕዝብ ማመላለሻ፣ የፈላሽና ደረቅ ጭነት፣ የትራንዚት፣ የጉምሩክ፣ በመኪና ኪራይና ማስጎብኘት፣ በአደን፣ እንዲሁም የአሽከርካሪነት መቶ ሥልጠና ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል፤

- 10) Through ensuring sustainable and efficient use of the existing forest resource, cause various types of forest products to be supplied for the domestic and foreign markets;
- 11) Cause establishment of livestock products and forage processing factory; as well as modern abattoirs organization;
- 12) Cause production of improved livestock husbandry, fattening and distribution and its products and to be supplied for the domestic and foreign markets;
- 13) Import pharmaceuticals and livestock health care equipment as well as various technologies from abroad and cause it to be distributed;
- 14) Cause them to take part on all other activities similar with business and agricultural products production works.

12. Power and Duties of Tumsa Development Group

Tumsa Development Group shall have the following power and duties:

- 1) Cause them to take part on domestic and foreign trade activities of khat, herbicides and insecticides, production enhancers and general import, export trade, distribution, wholesale and retail trade activities;
- 2) Cause them to engage in activities of agro processing and industry, on exporting avocado and avocado oils products and fruits and vegetables;
- 3) Cause them engage on land and air transportation services, public transportation, liquid and dry cargo services, transit, customs services, car rentals and tour services, hunting; as well as driving skills training services;

- 4) Garaajiiwwan tajaajila suphaa konkolaataa adda addaa, buufata raabsa boba'aa, kaaftaariyaafi id-doo qubannaa keessummaa akka ijaaramanii tajaajila kennan, hojii boba'aa, kuusaa meeshaalee, peetirooliyeemiifi bu'aalee peetirooliyeemii, dibataaleefi meeshaalee jijjiirraa konkolaataa raabsuufi gurguruu irratti akka bobba'an akkasumas, humna elektiriikaa, gaaziifi bishaanii akka kennamu ni taasisa;
- 5) Hojii bakka bu'ummaan dhimma raawwachiisuu irratti akka bobba'an ni taasisa;
- 6) Hojiilee daldalaa, al-ergii fi alaa galchuu, loojistiksiifi walfakkaatan biroo hunda irratti akka hirmaatan ni taasisa.

13. Aangoofi Hojii Oro-Construction Group

ORO-Construction Group aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojiiwwan ijaarsaafi suphaa manneenii, riil isteetii, gamoowaniifi industirii paarkiiwwanii bifa baasii qusatuun sadarkaa qulqullina isaa eeggateen akka hojjetaman ni taasisa;
- 2) Ijaarsaafi suphaa daandii, riqichaa, buufata doonii, daandii baaburaafi buufata xayyaaraa akka hojjetaman ni taasisa;
- 3) Ijaarsa sarara bishaan dhugaatii, sarara dhangala'aa, sarara balfaa, hidha laggeewwanii, jallisiifi ijaarsaawwan humna ibsaa maddisiisanii akka hojjetaman ni taasisa;
- 4) Hojii diriilingii boollawwan gadi fagoofi gabaabaa, haaraafi dullooman, kanneen tajaajila bishaan dhugaatii, jallisiifi industriitiif oolan irratti akka hirmaatan ni taasisa; akka gabbisan ni taasisa; humnaafi qulqullina isaanii akka sakkatta'an ni taasisa;

- 4) የተለያዩ ተሽከርካሪዎች ጥገና አገልግሎት ጋራገሮች፣ የነዳጅ ማደያ ጣቢያ፣ ካፍቴራና የእንግዳ ማረፊያ ስፍራዎች ተገንብተው አገልግሎት እንዲሰጡ፣ የነዳጅ ስራ፣ የዕቃዎች ማከማቻ፣ ፔትሮሊየምና የፔትሮሊየም ውጤቶች፣ መቀባቢያዎች እና የተሽከርካሪ መለዋወጫ መሣሪያዎች ማከፋፈልና ሽያጭ ላይ እንዲሰማሩ፣ እንዲሁም የኤሌክትሪክ ሃይል፣ ጋዝ እና ውሃ አገልግሎት እንዲሰጥ ያደርጋል።
- 5) በውክልና ጉዳይ ማስፈጸም ሥራ ላይ እንዲሰማሩ ያደርጋል።
- 6) የንግድ፣ የላኪና አስመጪነት ስራዎች፣ ሎጀስቲክስ እና ሌሎች ተመሳሳይ ተግባራት ሁሉ ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል።

13. የኦሮ-ኮንስትራክሽን ግሩፕ ሥልጣንና ተግባር

ኦሮ-ኮንስትራክሽን ግሩፕ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) የቤቶች ግንባታና ጥገና ሥራዎች፣ የሪል ስቴትስ፣ ሕንጻዎች እና የኢንዱስትሪ ፓርኮችን ወጪ ቆጣቢና የጥራት ደረጃውን በጠበቀ መልኩ እንዲሰራ ያደርጋል።
- 2) የመንገዶች፣ ድልድዮች፣ ወደቦች፣ የባቡር ሀዲድ እና አወሮፕላን ማረፊያ ግንባታና ጥገና ሥራ እንዲከናወን ያደርጋል።
- 3) የመጠጥ ውሃ፣ የፍሃሽ ማስወገጃ መሥመሮች ግንባታ፣ የወንዞች ግድብ፣ የመስኖ እና የኤሌክትሪክ ሃይል ማመንጫ ግንባታዎች እንዲሰሩ ያደርጋል።
- 4) ለመጠጥ ውሃነት፣ ለመስኖና ለኢንዱስትሪ የሚውሉ የጥልቅና መጠነኛ፣ አዳዲስና ያረጁ ጉድጓዶች ቁፋሮ ሥራ ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል። ያረጁ ጉድጓዶች አቅም ማጎልበት እና ጥራት ፍተሻ ሥራ እንዲያከናውኑ ያደርጋል።

- 4) Make various vehicles garages service providing, fuel distribution stations, cafeteria and guest houses or accommodations to be constructed and provide services; distribution and selling of petroleum, material warehousing, petroleum and petroleum products, lubricants and vehicle spare parts; as well as cause electric power, gases and water to be provided;
- 5) Cause to engage in execution of cases through representation;
- 6) Cause them to take part on all trade, export and import, logistics and other similar activities.

13. Power and Duties of Oro-Construction Group

ORO-Construction Groups shall have the following power and duties:

- 1) Cause construction and maintenance works of cost effective and standard quality houses, real estates, buildings, industrial parks to be undertaken;
- 2) Cause construction and maintenance works of roads, bridges, ports, railways and air ports to be carried out;
- 3) Cause construction of drinking water lines, sewerage lines, wastes lines, river dams, irrigation and electric power generations to be undertaken;
- 4) Cause to take part on drilling works of deep and shallow, new and older wells to be used for drinking water, irrigation and industries; cause to develop them and assess their qualities;

- 5) Meeshaalee hojii ijaarsaatiif tajaajilan akka oomishaman, biyya alaa irraa akka galan, giddugala suphaa akka qabaataniifi suphaa akka gaggeessan ni taasisa;
- 6) Hojiiwwan qorannoo haayidrooliksii, haayidrooloojii, haayidroo-ji'oolojii, ji'ofiziksii, ittisa bishaanii, jallisiifi qoorsa lafaa, bishaan dhugaatiifi dhangala'aa, qulqullina balfa dhangala'aa, indusitriifi hojii misooma sulula lageewwanii akka gaggeeffaman;
- 7) Hojiiwwan sarveeyingii, dizaayiniifi ispeesifikeeshinii kan haayidrooliksii, anniisaa, humna ibsaa maddisiisu, ji'oteekinkii, ittisa bishaaniifi jallisii, ittisa lolaa, bishaan dhugaatii, dhangala'aafi hojiiwwan kana fakkaatan kan biroo akka gaggeessan ni taasisa;
- 8) Hojiiwwan tajaajila bulchiinsaa kontiraataa, gamaaggamaa, to'annoo, qorannoofi dizaayinii bu'uraalee misoomaa kan akka daandii, riqaa, bishaan dhugaatii, jallisii, gamoo, manneenii, paarikii industirii, buufata doonii, daandii baaburaa, buufata xayaaraafi hojiiwwan siivilii gosa biroo akka raawwatan ni taasisa;
- 9) Hojiiwwan ijaarsa adda addaa ilaalchisee tajaajila qophii dokumeentii caalbaasiifi kontiraataa akka kennamuufi filannoon kontiraataa akka adeemsifamu ni taasisa;
- 10) Tajaajila leenjiifi ijaarsa dandettii bulchiisa pirojeektiifi ijaarsaa, gorsaafi qorannoo karoora qindaa'aa ittifayyadama lafaa, qorannoo yookiin sakatta'iinsa dhiibbaa hawaasummaafi naannoo akka kennamu ni taasisa;
- 11) Tajaajila laboraatorii qulqullina bishaanii, gabbina biyyee, meeshaalee ijaarsaafi kan kana fakkaatan biroo akka kennamu ni taasisa;

- 5) ለግንባታ ሥራ የሚያገለግሉ መሣሪያዎች እንዲመረቱ፣ ከውጭ ሐገር እንዲገቡ፣ የጥገና ማዕከላት እንዲኖራቸውና ጥገናም እንዲያካሄዱ ያደርጋል፤
- 6) የሃይድሮሊክስ፣ ሃይድሮሎጂ፣ ሃይድሮ-ጂኦሎጂ፣ ጂኦሎጂክስ ምርምር ሥራዎች፣ የውሃ መከላከል፣ መስኖ እና የመሬት ማንጣፊፍ፣ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ፣ የፍሳሽ ማጣራት፣ የኢንዱስትሪና የተፋሰስ ልማት ጥናት ስራዎች እንዲካሄዱ፤
- 7) የሰርቪዬንግ፣ ዲዛይን እና የሃይድሮሊክስ ስፔሲፊኬሽን ሥራዎች፣ የኤሌክትሪክ ሃይል ማመንጫ ሥራ፣ ጂኦ-ቴክኒክ፣ የውሃ መከላከልና መስኖ፣ ጎርፍ መከላከል፣ የመጠጥ ውሃ፣ ፍሳሽ እና ሌሎች መሰል ሥራዎች እንዲያካሄዱ ያደርጋል፤
- 8) የኮንትራት አስተዳደር፣ ግምገማ፣ ቁጥጥር አገልግሎት ሥራዎች፣ እንደ መንገድ፣ ድልድይ፣ የመጠጥ ውሃ፣ መስኖ፣ የፎቆች፣ የቤቶች፣ ኢንዱስትሪ ፓርክ፣ የጀልባዎች ተርሚናሎች፣ የባቡር ሃዲድ፣ አውሮፕላን ማረፊያዎች ያሉ መሠረተ ልማቶች ምርምርና ዲዛይን እና ሌላ አይነት የሲቪል ሥራዎችን እንዲያከናውኑ ያደርጋል፤
- 9) የተለያዩ የግንባታ ሥራዎችን በሚመለከት፣ የጨረታና ኮንትራት ደክመንት ዝግጅት አገልግሎት እንዲሰጥ እና የኮንትራት ምርጫ እንዲካሄድ ያደርጋል፤
- 10) የፕሮጀክት አስተዳደርና ግንባታ ስልጠና እና አቅም ማጎልበት አገልግሎት፣ የምክር እና የመሬት አጠቃቀም የተቀጀ ዕቅድ ምርመራ፣ የማሕበረሰብና አካባቢ ተጽዕኖ ግምገማ ወይም ፍተሻ እንዲሰጥ ያደርጋል፤
- 11) የውሃ ገጽሀና፣ የአፈር ለምነት፣ የግንባታ መሣሪያዎች ላቦራቶሪ አገልግሎት እና የመሳሰሉ ሌሎች አገልግሎቶች እንዲሰጡ ያደርጋል፤

- 5) Cause construction materials to be produced; to be imported from abroad; to have maintenance centers and provide maintenance services;
- 6) Conduct surveying of hydraulics, hydrology, hydro-geology, geophysics; water harvesting, irrigation and land drainage, drinking water and sewage, sewage treatment, industries and stream development works to be undertaken;
- 7) Cause to undertake surveying, design and hydraulics specification works, energy, electric power generating, geotechnical, water harvesting and irrigation works, flood protection, drinking water, drainage and other similar works;
- 8) Cause them to perform contract administration, evaluation control works, research and designing of infrastructures developments like roads, bridges, drinking water, irrigation, buildings, houses, industrial parks, ports, railways, airports and other civil works;
- 9) Regarding various construction works, cause preparation of tender and contract documents and selection of contracts to be conducted;
- 10) Cause training services and capacity building on project administration and construction, advisory and research of integrated land use planning, social and environmental impact assessment to be provided;
- 11) Cause laboratory services of water treatment, soil fertility, construction materials and other similar things to be provided;

- 12) Hojiiwwan dizaayiniifi to'annoo pilaaniifi injinaringii arkitekcherii magaalaa, paarkiiwwaniifi zoonii diinagdee addaa, hidha, anniisaa, ji'ootekinikiifi injinaringii bu'uuraa akkasumas balfaalee goggoogaa dhabamsiisuu akka raawwatamu ni taasisa;
- 13) Tajaajilli hoteelaa, riizoortii, turiifi tiraavilii akka kennamu ni hojjeta;
- 14) Paarkiiwwan turizimii adda addaa hundeesuun tajaajilli akka kennamu ni hojjeta; Tajaajilli konfiraansiifi qophiilee gara garaa qopheessuun akka kennamu ni taasisa;
- 15) Hojiiwwan ijaarsaan walqabatan kan biroo hunda irratti akka hirmaatan ni taasisa.

14. Aangoofi Hojii O-Mining Group

O-Mining Group aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojii qorannoo kuufama albuudaa, albuuda barbaaduu, oomishuufi gabaaf dhiyeessuufi maashinaroota albuudaafi meeshaalee jijjiirraa bituufi gurguruu irratti akka bobba'an ni taasisa;
- 2) Hojii al-ergii, alaa galchuufi tajaajila ejentummaa irratti akka hirmaatan ni taasisa;
- 3) Hojiiwwan maayiniingiin walqabatan biroo hunda irratti akka hirmaatan ni taasisa.

Kutaa Sadii

Gurmaa'insa, Aangoofi Hojii Qaamolee Bulchiinsaa Investimant Giruup-piiwwanii

15. Gurmaa'insa Investimant Giruuppiiwwanii

Investimant Giruuppiiwwanii gurmaa'insa armaan gadii kan qabaatan ta'a:

- 1) Boordii;
- 2) Hojigaggeessaa Ol'aanaafi akkaataa barbaachisummaa isaatti Itti Aantoota Hojigaggeessaa ol'aanaa;

- 12) የከተማ ፕላንና አርክቴክቸር ኢንጂነሪንግ ዲዛይንና ቁጥጥር ሥራዎች፣ ፓርኮችና ልዩ ኢኮኖሚ ዞን፣ የግድብ፣ ኢነርጂ፣ ጂኦቴክኒክና መሠረታዊ ኢንጂነሪንግ ሥራዎች፣ እንዲሁም የደረቅ ቆሻሻ ማስወገድ ሥራ እንዲፈጸም ያደርጋል፤
- 13) የሆቴል፣ የሪሶርት፣ የቱርና ትራቭል አገልግሎት እንዲሰጥ ይሰራል፤
- 14) የተለያዩ የቱሪዝም ፓርኮችን በመመስረት አገልግሎት እንዲሰጥ ይሰራል፤
- 15) የኮንፈረንስ አገልግሎት እና የተለያዩ ዝግጅቶችን በማዘጋጀት እንዲሰጥ ያደርጋል፤
- 16) ከግንባታ ጋር የሚያያዙ ሌሎች ሥራዎች ሁሉ ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል።

14. የኦ-ማይኒንግ ግሩፕ ሥልጣንና ተግባር

ኦ-ማይኒንግ ግሩፕ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) የማዕድናት ክምችት ምርምር፣ ማዕድን መፈለግ፣ ማምረትና ለገበያ ማቅረብ እና የማዕድን ማሽነሪዎችና መለዋወጫዎች ግዢ እና ሽያጭ ሥራዎች ላይ እንዲሰማሩ ያደርጋል፤
- 2) የላኪነት፣ አሰስመጪነት እና የኤጀንትነት ስራዎች ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል፤
- 3) ከማይኒንግ ጋር የሚያያዙ ሌሎች ሥራዎች ሁሉ ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል።

ክፍል ሦስት

የኢንቨስትመንት ግሩፖች አስተዳደር አካላት አደረጃጀት፣ ሥልጣንና ተግባር

15. የኢንቨስትመንት ግሩፖች አደረጃጀት

ኢንቨስትመንት ግሩፖች የሚከተለው አደረጃጀት የሚኖራቸው ይሆናል፡-

- 1) ቦርድ፤
- 2) ዋና ሥራ አስፈጻሚ እና እንዳስፈላጊነቱ ምክትል ዋና ሥራ አስፈጻሚዎች፤

- 12) Cause design and supervision of urban architectural planning and engineering, parks and special economic zones, dams, energy, geotechnical and infrastructure engineering; as well as dry waste disposal to be performed;
- 13) Work for the provision of hotel, resort, tour and travel services;
- 14) Establish various tourism parks and cause their services to be provided;
- 15) Facilitate conference services and other various preparations and cause to be provided;
- 16) Cause them to take part on all other construction related activities.

14. Power and Duties of O -Mining Group

O-Mining Group shall have the following power and duties:

- 1) Cause them to engage in exploration of mineral deposits, searching, production and marketing of minerals; and purchase and sale of mining machinery and their spare parts;
- 2) Cause them to take part in export, import activities and providing agency services;
- 3) Cause them to take part on all other activities pertaining to mining.

Part Three

Organization, Power and Duties of Management Bodies of Investment Groups

15. Organization of Investment Groups

Investment Groups shall have the following organizational set up:

- 1) The Board;
- 2) Chief Executive Officer and Deputy Chief Executive Officers as may be necessary;

- 3) Hojjettoota barbaachisaa ta’an biroo; fi
- 4) Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa, Dhaabbilee yookiin Waldaalee Daldalaa isaan jalatti gurmaa’an.

16. Hundeeffamaafi Ittiwaamama Boordii

- 1) Boordiin Investimant Giruupp-iwwanii kanaan booda “Boordii” jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffameera.
- 2) Ittiwaamamni Boordii Biirichaaf ta’a.

17. Hariiroo Investimant Giruuppi fi Dhaabbilee Isa Jala Jiranii

- 1) Hariiroon Investimant Giruuppiifi Dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin waldaalee daldalaa isa jala jiran gidduu ta’uu qabu akkaataa Seera Daldalaa Itiyoophiyaa keessatti tumameen ta’a.
- 2) Muudamni Boordii dhaabbilee misoomaa mootummaa akkaataa Labsichaafi Dambii ittiin hundeeffamaniitiin ta’ee, filannoo yookiin ramaddiin Boordii Daarektarootaa waldaalee daldalaa yaada Boordii Giruupp-iwwanii irratti hundaa’uun Biirichaan Yaa’ii Waliigalaatiif kan dhiyaatu ta’a.

18. Miseensota Boordii

- 1) Boordichi miseensota torbaa hanga kudha tokkoo ni qabaata.
- 2) Miseensota Boordii namootni harka tokko sadaffaa hin caalle hojjettoota dhaabbii Investimantii Giruupp-iwwanii keessaa walgahii waliigalaa hojjettoota dhaabbiiitiin kan filataman ta’ee, miseensoni Boordii hafan Biirichaan filatamanii Pirezidaantiif dhiyaatanii kan ramadaman ta’a.
- 3) Walitti qabaan Boordii Pirezidaantiin kan muudamu ta’a.

- 3) ሌሎች አስፈላጊ ሰራተኞች፣ እና
- 4) በሥራቸው የተደራጁ የመንግሥት ልማት ድርጅቶች፣ የንግድ ድርጅቶች ወይም ማህበራት።

16. የቦርድ መቋቋም እና ተጠሪነት

- 1) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ቦርድ ከዚህ በኋላ "ቦርድ" ተብሎ የሚጠራ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል።
- 2) የቦርድ ተጠሪነት ለቢሮው ይሆናል።

17. የኢንቨስትመንት ግሩፕ እና በስሩ ያሉ ድርጅቶች ግንኙነት

- 1) በኢንቨስትመንት ግሩፕ እና በሥሩ ባሉት የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ወይም የንግድ ማህበራት መካከል መሆን ያለበት ግንኙነት በኢትዮጵያ ንግድ ሕግ በተደነገገው መሠረት ይሆናል።
- 2) የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ቦርድ አሻሻም በአዋጅና በመመሥረቻ ደንብ መሠረት ሆኖ የንግድ ማህበራት የቦርድ ዳይሬክተሮች ምርጫ ወይም ምደባ በግሩፖች ቦርድ ሃሳብ ላይ በመመሥረት በቢሮው ለጠቅላላ ጉባኤ የሚቀርብ ይሆናል።

18. የቦርድ አባላት

- 1) ቦርዱ ከሰባት እስከ አስራ አንድ አባላት ይኖረዋል።
- 2) ከአንድ ሦስተኛ የማይበልጡት የቦርድ አባላት የሆኑ ሰዎች ከኢንቨስትመንት ግሩፖች ቋሚ ሰራተኞች መካከል በቋሚ ሰራተኞች ጠቅላላ ጉባኤ የሚመረጡ ሆኖ ቀሪ የቦርድ አባላት ደግሞ በቢሮው ተመርጠው ለፕሬዝዳንቱ በመቅረብ የሚመደቡ ይሆናል።
- 3) የቦርድ ሰብሳቢው በፕሬዝዳንቱ የሚሾም ይሆናል።

- 3) Other necessary staffs; and
- 4) Public Enterprises, Subsidiary Business Organizations or Associations organized under it.

16. Establishment and Accountability of the Board

- 1) Board of Investment Groups, hereinafter referred to as “Board” is hereby established by this regulation.
- 2) Accountability of the Board shall be to the Bureau.

17. Relationships Between Investment Group and Its Subsidiaries

- 1) Relationships to exist between Investment Groups and the Public Enterprises or Business Organizations or Associations operating under it shall be implemented in accordance with the provisions of Commercial Law of Ethiopia.
- 2) Appointment of Board of the public enterprises shall be in accordance with the Proclamation and their Establishment Regulation; the selection or assignment of Board of Directors of business associations shall be presented to the General Assembly based on the opinion of the Groups’ Board.

18. Members of the Board

- 1) The Board shall have number of members from seven to eleven;
- 2) Not more than one third of the Board members of the Board shall be selected among the permanent workers of Investment Group by the General Assembly of permanent workers; and the rest of Board members shall be nominated by the Bureau and assigned by the president.
- 3) Chairperson of the Board shall be appointed by the president.

19. Aangoofi Hojii Boordii

Aangoofi hojiin seerota birooti-in kennameef akkuma eegametti ta'ee, Boordichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hoji-gaggeessaa ol'aanaa, itti-aanaa yookiin itti-aantota hoji-gaggeessaa ol'aanaafi ittigaafatamaa odiitii keessaa ulaagaalee dandeettiinwan barbaachisoo bu'uura godhachuun filatee ni qacara; ni ramada; hojiirraa ni kaasa; adeemsa raawwii isaa Biiroof ni gabaasa;
- 2) Qacarrii, ramaddiifi hojiirraa kaafamuu ittigaafatamtoota hojii itti waamamni isaanii hoji-gaggeessaa ol'aanaatiif ta'e, hoji-gaggeessaa ol'aanaatiin yammuu dhiyaatuuf ni mirkaneessa;
- 3) Goodayyaa bu'uuraa Biiroon baasu keessatti kaffaltii durgoofi faayidaa hojii gaggeessitootaafi hojjettootaa Investimant Giruuppiiwanii qoratamee dhiyaatuuf xiinxaluun yookiin ofii isaatii qorachiisuun ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
- 4) Goodayyaa bu'uuraa Biirichii kaa'uun hojimaata bulchiinsa humna namaa Investimant Giruuppiiwanii qorachuun yookiin qorachiisuun hojiirra akka oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
- 5) Ulaagaa qacarriifi hojiirraa kaasu odiitara keessaa Investimant Giruuppiiwanii qorannoo irratti hundaa'uun ni raawwata; Biiroof ni beeksisa;
- 6) Karoora tarsiimaa'aa ergama Investimant Giruuppiiwanii waliin walsimu yeroo isaa eeguun qopheessisee akka mirkanaa'u Biiroof ni dhiyeessa; yeroo mirkanaa'u ni raawwachiisa;

19. የቦርድ ሥልጣንና ተግባር

በሌሎች ሕጎች የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ ቦርዱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) ዋና ሥራ አስፈጻሚው፣ ምክትል ዋና ሥራ አስፈጻሚውን ወይም ምክትል ሥራ አስፈጻሚዎችን እና የውስጥ ኦዲት ኃላፊን አስፈላጊ የችሎታ መስፈርቶችን መሠረት በማድረግ መርጦ ይቀጥራል፤ ይመድባል፤ ከሥራ ያሰናብታል፤ የአፈጻጸሙን ሂደት አስመልክቶ ለቢሮ ሪፖርት ያደርጋል፤
- 2) ተጠሪነታቸው ለዋና ሥራ አስፈጻሚ የሆኑ የሥራ ሐላፊዎችን ቅጥር፣ ምደባ እና ከሥራ ስንብት በዋና ሥራ አስኪያጁ ሲቀርብለት ያጸድቃል፤
- 3) ቢሮው በሚያወጣው መሠረታዊ ማዕቀፍ መሠረት ተጠንቶ የሚቀርብለትን የሥራ ሐላፊዎችና የኢንቨስትመንት ግሩፖች ሰራተኞች የውሎ አበልና ጥቅማጥቅም ክፍያን በመመርመር ወይም እራሱ በማስጠናት ያጸድቃል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
- 4) ቢሮው በሚያስቀምጠው መሠረታዊ ማዕቀፍ የኢንቨስትመንት ግሩፖች የሰው ኃይል አስተዳደር አሰራር ሥርዓትን በማጥናት ወይም በማስጠናት ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
- 5) የኢንቨስትመንት ግሩፖች የውስጥ ኦዲተር የቅጥርና ከሥራ ስንብት መስፈርትን ጥናት ላይ በመመስረት ይፈጽማል፤ ለቢሮ ያሳውቃል፤
- 6) ከኢንቨስትመንት ግሩፖች ግብ ጋር የሚጣጣም ስትራቴጂካዊ ዕቅድን በወቅቱ በማዘጋጀት እንዲፀድቅ ለቢሮ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ያስፈጽማል፤

19. Power and Duties of the Board

Without prejudice to the power and duties assigned to it under other laws, the Board shall have the following power and duties:

- 1) Employ; assign or dismiss the Chief Executive Officer, Deputy Chief Executive Officer/s and head of internal Audit Officer by selecting them based on necessary criteria of ability; report its implementation particulars to the Bureau;
- 2) Approve the employment, assignment and dismissal of work heads accountable to the Chief Executive Officer submitted by the Chief Executive Officer;
- 3) Examine and approve the allowances and benefits of the work heads and workers of Investment Groups submitted to it or by getting it to be studied within the framework to be set by the Bureau; follow up its implementation;
- 4) Depending on the basic framework to be set by the Bureau, study or cause to be studied the human resource administration system of Investment Groups and cause same to be implemented; follow up its implementation;
- 5) Set employment and dismissal criteria of internal auditor of Investment Groups based on research and cause it to be implemented; notify same to the Bureau;
- 6) Prepare timely strategic plan which is corresponding with the mission of the Investment Groups and submit to the Bureau for approval; causes same to be implemented up on its approval;

- 7) Karoora hojii waggaafi baajataa Investimant Giruuppiiwwaniitiin dhiyaatuuf xiinxalee Biiroof ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa;
- 8) Gabaasa raawwii karoora Investimant Giruuppiiwwaniitiin dhiyaatuuf yeroo yeroon ni gamaaggama; duubdeebii ni kenna; Biirichaaf akka dhiyaatu ni taasisa;
- 9) Sirna madaalliifi onnachiistuu Biiron diriirse irratti hundaa'uun madaallii hooggansa Investimant Giruuppiiwwanii ni gaggeessa; onnachiistuu ni kenna;
- 10) Barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti qooda bu'aa mootummaa lakkoofsa herrega baankii Fandii Misoomaatti galii akka ta'u ni taasisa;
- 11) Kaappitaalli Investimant Giruuppiiwwanii akka dabaluu Biiroof yaada ni dhiyeessa;
- 12) Odiitara alaafi keessaatiif galmeewwaniifi arshammeewwan herregaa akkasumas gabaasa raawwii hojii faayinaansiifi ibsawwan herregaa Investimant Giruuppiiwwanii Biiroof yeroo isaa eegee akka dhiyaatu ni taasisa;
- 13) Deemsa, leenjiiifi barnoota biyya alaa hojjettootaa Investimant Giruuppiiwwanii ni mirkaneessa; Biiricha ni beeksisa;
- 14) Bittaa qabeenya dhaabbii gurguddoo hojii Investimant Giruuppiiwwaniitiif murteessaa ta'an daangaa aangoo isaa ta'e karoora irratti hundaa'uun ni mirkaneessa; kenneen daangaa aangoo isaatiin ol ta'an irratti Biiroof gaaffi ni dhiyeessa; murtii kennamu irratti hundaa'udhaan ni akkaataa seeraatiin ni raawwachiisa;
- 15) Herregniifi meeshaawwan Investimant Giruuppiiwwanii akkaataa seeraatiin qabamuu isaanii ni to'ata;

- 7) ከኢንቨስትመንት ግሩፖች የሚቀርብሉትን ዓመታዊ የሥራና በጀት ዕቅድ በመመርመር ለቢሮው ያቀርባል፤ በሚጸድቅበት ጊዜም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤
- 8) የሚቀርብሉትን የኢንቨስትመንት ግሩፖች የሥራ አፈጻጸም ሪፖርት በየጊዜው ይገመግማል፤ ግብረ-መልስ ይሰጣል፤ ለቢሮው እንዲቀርብ ያደርጋል፤
- 9) ቢሮው በዘረጋው የምዘና እና ማበረታቻ ሥርዓት ላይ በመመስረት የኢንቨስትመንት ግሩፖችን ሃላፊዎች ምዘና ያካሂዳል፤ ማበረታቻም ይሰጣል፤
- 10) የበጀት ዓመቱ ተጠናቅቆ ባለው ስድስት ወር ጊዜ ውስጥ የመንግሥትን የትርፍ ድርሻ ወደ ልማት ፈንድ የባንክ ሒሣብ ገቢ እንዲሆን ያደርጋል፤
- 11) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ካፒታል እንዲጨምር ለቢሮው ሒሣብ ያቀርባል፤
- 12) የኢንቨስትመንት ግሩፖችን የሃሳብ መዛግብትና ሰነዶችን እንዲሁም የፋይናንስ ሥራ አፈጻጸም ሪፖርት እና የሒሳብ መግለጫዎችን ጊዜውን ጠብቆ ለቢሮው እንዲቀርብ ያደርጋል፤
- 13) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ሰራተኞችን የውጭ አገር ጉዞ፣ ስልጠና እና ትምህርትን ያጸድቃል፤ ለቢሮው ያሳውቃል፤
- 14) በስልጣን ገደቡ ስር የሚወድቁ ለኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥራ ወጣኝ የሆኑ የትላልቅ ቋሚ ንብረቶች ግዢን በዕቅድ ላይ በመመሥረት ያጸድቃል፤ ከሥልጣን ገደቡ በላይ የሆኑትን በተመለከተ ለቢሮው ጥያቄ ያቀርባል፤ በሚሰጠው ውሳኔ ላይ በመመስረት በሕጉ መሠረት ያስፈጽማል፤
- 15) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ሒሳብ እና ንብረቶች በሕጉ መሠረት መያዣውን ይቆጣጠራል፤

- 7) Examine and present to the Bureau the annual work and budget plan of Investment Groups submitted to it; cause it to be implemented; follow up same;
- 8) Evaluate the work performance reports of Investment Groups periodically; provide feedback; cause same to be presented to the Bureau;
- 9) Based on the Evaluation and Incentives Scheme introduced by the Bureau, perform leadership evaluation of Investment Groups; provide incentives;
- 10) Within six months following the end of the fiscal year, cause the profit dividend of the government to be deposited in to the bank accounts of Development Fund;
- 11) Present its recommendation to the Bureau for the capital of the Investment Groups to be increased;
- 12) Cause presentation of financial accounts and documents to the internal and external auditors as well as financial work performance reports and financial statements of Investment Groups to the Bureau timely;
- 13) Approve the overseas trip, training and education of employees of Investment Groups; notify same to the Bureau;
- 14) Approve procurements of giant permanent properties that are pivotal for the activities of Investment Groups falling under its jurisdiction based on plan; present its appeal to the Bureau on those beyond the limit of its jurisdiction; based on the decision passed, cause its enforcement in accordance with the law;
- 15) Follow up the accounts and properties of Investment Groups to be kept in accordance with the law;

16) Boordiin Investimant Giruuppian wwanii hojii hordoffiifi deeggarsaa ogummaa kennuuf koreewan xixiqqaa barbaachisaa ta'an ni hundeessa; akkaataa barbaachisummaa isaatti Boordii Gorsitoota ni hundeessa.

16) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ቦርድ ሙያዊ ክትትልና ድጋፍ ለመስጠት አስፈላጊ የሆኑ ንዑስ ኮሚቴዎችን ያቋቁማል፤ እንዳስፈላጊነቱ የአማካሪዎች ቦርድም ያቋቁማል።

16) The Board of Investment Groups may form necessary sub committees that help provide expertise follow up and support; establish advisory Board as may be necessary.

20. Bara Hojii Miseensota Boordii

- 1) Barri hojii miseensa Boordii waggaa sadii ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti miseensi Boordii bara hojii waggaa sadii xumure yeroo tokko irra deebi'ee filatamuu yookiin ramadamuu ni danda'a.
- 2) Miseensi Boordii hojii isaa gahumsaan bahuu yoo dadhabe, sababa gahaa malee walitti aansuun yeroo sadii ol yookiin bara baajataa tokko keessatti yeroo shaniifi isaa ol walgahii irraa kan hafe yoo ta'e, Biirichi miseensummaa irraa akka ka'u qaama muudeef yookiin ramadeef yaa-da ni dhiyeessa.

20. የቦርድ አባላት የሥራ ዘመን

- 1) የቦርድ አባላት የሥራ ዘመን ሦስት ዓመት ሆኖ፣ እንደ አስፈላጊነቱ የሦስት ዓመት የሥራ ዘመኑን ያጠናቀቀ የቦርድ አባል ለአንድ ጊዜ በድጋሚ ሊመረጥ ወይም ሊመደብ ይችላል።
- 2) የቦርድ አባሉ ተግባሩን በብቃት መወጣት ያልቻለ እንደሆነ፣ ያለበቂ ምክንያት በተከታታይ ከሦስት ጊዜ በላይ ወይም በአንድ የበጀት ዓመት ውስጥ ለአምስትና ከዚያ በላይ ለሆነ ጊዜ ከስብሰባ የቀረ እንደሆነ ቢሮው ይህ አባል ከዓባልነቱ እንዲነሳ ለሾመው ወይም ለመደበው አካል ሃሳብ ያቀርባል።

20. Office Terms of the Board Members

- 1) Office terms of the Board members shall be three years; and member of the Board who has completed the three years term of office may be re-selected or re-assigned for one additional term as may be necessary.
- 2) Where the Board member fails to discharge his responsibilities effectively, is absent from meeting for more than three times consecutively or for five and more times within one budget year without sufficient reasons, the Bureau may present its idea for his removal from membership to the body that appointed or assigned him.

21. Sirna Walgahii Boordii

- 1) Boordichi ji'atti yeroo tokko walgahii idilee ni qabaata.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, haalli ariifachiisaan yoo muudate yookiin miseensota Boordichaa keessaa walakkaa ol gaaffii yoo dhiyeessan walittiqabaan walgahii ariifachiisaa waamuu qaba.
- 3) Miseensota Boordii keessaa harki caalu yoo argaman walgahichi guutuu ni ta'a.
- 4) Murteen Boordii sagalee caalmaan kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walittiqabaan deeggarama murtii Boordichaa ta'a.

21. የቦርዱ የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት

- 1) ቦርዱ በወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ይኖረዋል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አስቸኳይ ሁኔታ ሲያጋጥም ወይም ከቦርድ አባላቱ መካከል ከግማሽ በላይ የሚሆኑት ጥያቄ ካቀረቡ ሰብሰቢው አስቸኳይ ስብሰባ መጥራት አለበት።
- 3) ከቦርድ አባላቱ መካከል አብዛኛዎቹ ከተገኙ የስብሰባው ምልዓተ-ጉባዔ ይሆናል።
- 4) የቦርዱ ውሳኔ በአብላጫ ድምጽ የሚተላለፍ ሆኖ፣ የሁለቱ ወገን ድምጽ እኩል ከሆነ በሰብሰቢው የሚደገፈው ሃሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል።

21. Meeting Procedures of the Board

- 1) The Board shall have its regular meeting once in a month.
- 2) Without prejudice to the provision under Sub Article 1 of this Article, in cases where there encountered circumstances of urgency or if more than half of the Board members requested so, the chairperson shall call for urgent meeting.
- 3) The presence of majority of the Board members shall constitute quorum for the meeting.
- 4) The decision of the Board shall be passed by majority vote; and the chairperson shall have casting vote in case of tie.

- 5) Hojigaggeessaa Olaanaan Investimant Giruuppiiwwanii sagalee malee walgahii Boordii irratti ni hirmaata; barbaachisaa ta'ee yammuu argametti Itti Aanaa Hojigaggeessaa Olaanaa Investimant Giruuppiiwwanii dhimmi ilaallatu sagalee malee hirmaachisuun ni danda'ama.
- 6) Barreessaan Boordichaa hojjettoota dhaabbii Investimant Giruuppiiwwanii keessaa maanaajimantiidhaan filatamee Boordiin mirkanaa'ee sagalee malee kan hirmaatu ta'a.
- 7) Ajandaan walgahii idilee dursee miseensota Boordiif akka dhaqqabu taasiifamu qaba.
- 8) Qaboon yaa'ii walgahii Boordii miseensota walgahii irratti argamaniin mallattaa'uu qaba.
- 9) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 8 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Boordichi sirna hojimaata walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

22. Ittigaafatamummaa Miseensota Boordii

- 1) Miseensonni Boordii aangoofi hojii seeraan isaanitti kenname of eeggannoon raawwachuu qabu.
- 2) Miseensonni Boordii hojii isaanitti kenname sirnaan bahuu dhabuun miidhaa Investimant Giruuppiiwwan irra gahuufi dhimmoota waliin murteessan irratti ittigaafatamummaa dhuunfaafi waliinii ni qabaatu.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatullee, murteen Boordii yeroo kennamu miseensi Boordii yada addaa qabu ittigaafatamummaa murtichi fidu irraa bilisa akka ta'u yaadni isaa barreeffamee mallattaa'uu qaba.

- 5) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ዋና ሥራ አስኪያጅ ያለ ድምጽ በቦርዱ ስብሰባ ላይ ይሳተፋል፤ አስፈላጊ ሆኖ በሚገኝበት ጊዜ፣ ጉዳዩ የሚመለከተውን የኢንቨስትመንት ግሩፖች ምክትል ዋና ሥራ አስፈጻሚ እንዲሳተፍ ማድረግ ይቻላል።
- 6) የቦርዱ ፀሐፊ ከኢንቨስትመንት ግሩፖች ቋሚ ሰራተኞች መካከል በማኔጅመንት ተመርጦና በቦርዱ ጸድቆ ያለ-ድምጽ የሚሳተፍ ይሆናል።
- 7) የመደበኛ ስብሰባው አጀንዳ አስቀድሞ ለቦርድ አባላቱ እንዲደርስ መደረግ አለበት።
- 8) የቦርድ ስብሰባው ቃለ-ጉባዔ ስብሰባው ላይ በተገኙት አባላት መፈረም አለበት።
- 9) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እስከ 8 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት አስራር ሊያወጣ ይችላል።

22. የቦርድ አባላት ሃላፊነት

- 1) የቦርድ አባላት በሕግ የተሰጣቸውን ሥልጣንና ተግባር በጥንቃቄ መፈጸም አለባቸው።
- 2) የቦርድ አባላት የተሰጣቸውን ተግባር በአግባቡ ባለመወጣታቸው የተነሣ በኢንቨስትመንት ግሩፖች ላይ ለሚደርሰው ጉዳት እና በጋራ ለወሰኑዎቻቸው ጉዳዮች የተናጥልና የጋራ ሃላፊነት ይኖርባቸዋል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው ቢኖርም የቦርዱ ውሳኔ በሚሰጥበት ጊዜ የተለየ ሃሳብ የነበረው የቦርድ አባል ውሳኔው ከሚያስከትለው ተጠያቂነት ነጻ ይሆን ዘንድ የተለየበት ሃሳብ በጽሁፍ ሰፍሮ መፈረም አለበት።

- 5) Chief Executive of Investment Groups shall attend the meeting of the Board without vote; and where deemed necessary, the concerned Deputy Chief Executive of Investment Groups may be invited to attend the meeting without vote;
- 6) Secretary of the Board shall be selected among the permanent workers of Investment Groups by the management and attend such meeting without vote after approval by the Board.
- 7) Agenda of the regular meeting shall reach members of the Board before the date of the meeting.
- 8) Minute of the meeting of the Board shall be signed by the members who have attended such meeting.
- 9) Without prejudice to the provision under Sub Articles 1 - 8 of this Article, the Board may issue its own rules of meeting procedures.

22. Accountability of the Board Members

- 1) Members of the Board shall discharge the power and duties legally entrusted to them cautiously.
- 2) Members of the Board shall be severally and jointly liable for the damage caused on Investment Groups due to their failure to properly discharge their duties or for the matters they have decided together.
- 3) Notwithstanding to the provision under Sub Article 2 of this Article, member of the Board who dissented from the decision of the Board shall write and sign his dissenting opinion so that he can be free from the liability resulted from such decision.

23. Aangoofi Gahee Hojii Hojigageessaa O'aanaa Investimant Giruuppiiwwanii

Hojigageessaa O'aanaan Investimant Giruuppiiwwanii aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Dambii kana Keewwata 8 - 14 jalatti Aangoofi hojii Investimant Giruuppiiwwaniiif kennaman hojiirra ni oolcha;
- 2) Hojii Investimant Giruuppiiwwanii ni karoorsa; ni gurmeessa; ni hooggana; ni bulcha; ni to'ata;
- 3) Walqunnamtii hojii qaama sadaffaa wajjin taasifamu irratti Investimant Giruuppiiwwanii bakka ni bu'a;
- 4) Qacarrii, rammaddii, hojiirraa kaasuu ittigaafatamtoota hojii ittiwaamamni isaanii Hojigageessaa O'aanaatiif ta'e Boordiif dhiyeessuun ni mirkaneessisa; tarreeffamni isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
- 5) Ittigaafatamtoota hojii Investimant Giruuppiiwwanii keessaa miseensota manajimantii Boordidhaaf dhiyeessee ni murteessisa;
- 6) Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Boordiin baasu, seera hojjetaafi hojjechiisaafi hojimaata bulchiinsa humna namaa Biiron diriirsu irratti hundaa'uun hojjettoota Investimant Giruuppiiwwanii ni qacara; ni jijjiira; ni ramada; hojiirraa ni gaggeessa;
- 7) Herrega baankii Investimant Giruuppiiwwanii ni bana; ni sochoosa; akkaataa seeraatiin ni qaba;
- 8) Karooraa fi gabaasa hojii Investimant Giruuppiiwwanii yeroon qopheessee Boordiif ni dhiyeesa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 9) Qajeelfama Biirichi baasuufi murtii Boordii bu'uureffachuun qabeenya hojii Investimant Giruuppiiwwaniiif barbaachisaa hin taane ni dhabamsiisa;

23. የኢንቨስትመንት ግሩፖች ዋና ሥራ አስፈጻሚ ሥልጣንና ተግባር

የኢንቨስትመንት ግሩፖች ዋና ስራ አስፈጻሚ የሚከተለው ስልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) በዚህ ደንብ አንቀጽ 8-14 መሠረት ለኢንቨስትመንት ግሩፖች የተሰጡትን ሥልጣንና ተግባራት ሥራ ላይ ያውላል፤
- 2) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥራን ያቅዳል፤ ያደራጃል፤ ይመራል፤ ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤
- 3) ከሦስተኛ ወገን ጋር በሚደረገው የሥራ ግንኙነት ላይ ኢንቨስትመንት ግሩፖችን በመወከል ይሳተፋል፤
- 4) ለዋና ሥራ አስፈጻሚው ተጠሪ የሆኑ የሥራ ሐላፊዎችን ቅጥር፣ ምደባ እና ከሥራ ማንሣትን ለቦርድ በማቅረብ ያስጸድቃል። ዝርዝሩ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
- 5) ከኢንቨስትመንት ግሩፖች የሥራ ሃላፊዎች መካከል የማኔጅመንት አባላትን ለቦርድ በማቅረብ ያስወስናል፤
- 6) ቦርድ በሚያወጣው የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ፣ በሰራተኛና አሰሪ ሕግ እና ቢሮው በሚዘረጋው የሰው ሐይል አስተዳደር አሰራር ላይ በመመስረት የኢንቨስትመንት ግሩፖች ስራተኞችን ይቀጥራል፤ ይቀይራል፤ ይመድባል፤ ከስራ ያሰናብታል፤
- 7) የኢንቨስትመንት ግሩፖች የባንክ ሒሳብ ይከፍታል፤ ያንቀሳቀሳል፤ በሕግ መሠረት ይይዛል፤
- 8) የኢንቨስትመንት ግሩፖችን የሥራ ዕቅድና ሪፖርት በወቅቱ በማዘጋጀት ለቦርድ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤
- 9) ቢሮው የሚያወጣውን መመሪያ እና የቦርዱን ውሳኔ መሠረት በማድረግ ለኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥራ አስፈላጊ ያልሆኑትን ንብረቶች ያስወግዳል፤

23. Power and Duties of Chief Executive Officer of Investment Groups

The Chief Executive Officer of Investment Groups shall have the following power and duties:

- 1) Implement the power and duties assigned to Investment Groups under Article 8 - 14 of this regulation;
- 2) Plan; organize; manage; administer and control the overall activities of Investment Groups;
- 3) Represent Investment Groups on the work relationships to be made with third party;
- 4) Present and cause approval by the Board of the employment, assignment and removal of work heads accountable to the Chief Executive Officer. Its particulars shall be determined by the directive to be issued.
- 5) Nominate the management members to the Board selecting them from the work heads of Investment Groups for approval;
- 6) Employ; transfer; assign and dismiss the staffs of Investment Groups based on the internal regulation to be issued by the Board, Labor Law and Working System of Human Resource Administration to be laid down by the Bureau;
- 7) Opens and runs bank accounts of Investment Groups; maintain same in accordance with the law;
- 8) Prepare the work plan and report of Investment Groups and submit to the Board on time; implement same up on its approval;
- 9) Based on the directive to be issued by the Bureau and decision of the Board, perform disposal of properties not essential for the activities of Investment Groups;

- 10) Karoora baajataa qopheessee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni gabaasa;
- 11) Barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti qooda bu'aa mootummaa lakkoofsa herrega baankii Fandii Misoomaafi Industiriitti galii ni taasisa;
- 12) Murtii Boordiifi kallattiiwwan Biiiricha irraa kennamu biroo ni raawwata; ni raawwachiisa;
- 13) Hojiiwwan dabalataa Boordiin kennuuf ni raawwata.

24. Ittigaafatammummaa Hojii Hojigaggeessaa O'aanaa

Hojigaggeessaa O'aanaan yeroo hojii isaa raawwatutti dagannoon yookiin itti yaadee Investimant Giruuppiiwwanii irratti miidhaa yoo geessise yookiin miidhaan akka gahu yoo taasisa bu'uura seera roggummaa qabuun kan gaafatamu ta'a.

Kutaa Afur

Kaappitaala, Madda Galiifi Sirna Qabiinsa Herrega Investimant Giruuppiiwwanii

25. Kaappitaala Investimant Giruuppiiwwanii

- 1) Kaappitaalli Investimant Giruuppiiwwanii kan armaan gadii ta'a:
- (a) Kaappitaalli O-Produce Group tiif hayyamame qarshii 4,718,479,600.00 (Biliyoona afuriif miliyoona dhibba torbaaf miiliyoona kudha saddeetiif kuma dhibba afuriif kuma torbaatamii sagaliifi dhibba jaha) ta'ee, kaappitaala hayyamame keessaa maallaqaan qarshii 2,182,273,756.41 (Biliyoona lamaaf miliyoona dhibba tokkoof miiliyoona saddeettamii lamaaf kuma dhibba lamaaf kuma torbaatamii sadiif dhibba torbaaf shantamii jahaafi saantima afurtamii tokko) maallaqa callaan kaffalamee jira.

- 10) የበጀት ዕቅድ በማዘጋጀት ለቦርድ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤ አፈጻጸሙንም ሪፖርት ያደርጋል፤
- 11) የበጀት ዓመቱ ተጠናቅቆ ባለው ስድስት ወር ጊዜ ውስጥ የመንግሥትን የትርፍ ድርሻ ወደ ልማትና ኢንዱስትሪ ፈንድ የባንክ ሂሳብ ቁጥር ገቢ ያደርጋል፤
- 12) የቦርዱን ውሳኔና ክብርው የሚሰጠውን ሌሎች አቅጣጫዎችን ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤
- 13) ቦርዱ የሚሰጠውን ተጨማሪ ተግባራት ያከናውናል።

24. የዋና ሥራ አስፈጻሚው ተጠያቂነት
 ዋና ሥራ አስፈጻሚው ተግባሩን በሚያከናውንበት ጊዜ በቸልተኝነት ወይም ሆነ ብሎ በማሰብ በኢንቨስትመንት ግሩፖች ላይ ጉዳት ካደረሰ ወይም ጉዳት እንዲደርስ ካደረገ አግባብነት ባለው ሕግ መሠረት የሚጠየቅ ይሆናል።

ክፍል አራት

የኢንቨስትመንት ግሩፖች ካፒታል፣ የገቢ

ምንጭ እና የሒሳብ አያያዝ ሥርዓት

25. የኢንቨስትመንት ግሩፖች ካፒታል

- 1) የኢንቨስትመንት ግሩፖች ካፒታል እንደሚከተለው ይሆናል፡-
- (ሀ) ለኦ-ፕሮዲዩስ ግሩፕ የተፈቀደው ካፒታል ብር 4,718,479,600.00 (አራት ቢሊዮን ሰባት መቶ አስራ ስምንት ሚሊዮን አራት መቶ ሰባ ዘጠኝ ሺህ ስድስት መቶ ብር) ሆኖ፤ ከተፈቀደው ካፒታል ውስጥ ብር 2,182,273,756.41 (ሁለት ቢሊዮን አንድ መቶ ሰማንያ ሁለት ሚሊዮን ሁለት መቶ ሰባ ሦስት ሺህ ሰባት መቶ አምሳ ስድስት ብር ከአርባ አንድ ሣንቲም) በጥሬ ገንዘብ ተከፍሏል።

- 10) Prepare the budget plan and submit to the Board; implement same up on its approval; reports its implementation;
- 11) Deposit the profit dividend of the Government in to the bank account number of Oromia Development and Industry Fund within six months following the completion of the fiscal year;
- 12) Enforce the decisions of the Board and other directions given by the Bureau; cause same to be enforced;
- 13) Accomplish additional duties assigned to him by the Board.

24. Accountability of the Chief Executive Officer

If the Chief Executive Officer has negligently or intentionally caused damage or exposed for damage the Investment Groups on the course of discharging his responsibilities, he shall be held liable in accordance with the relevant laws.

Part Four

Capital, Source of Income and Account Management System of Investment Groups

25. Capital of Investment Groups

- 1) The Capital of Investment Groups shall be as follows:
- (a) The Capital Authorized for O-Produce Groups shall be Birr 4,718,479,600.00 (Four Billion, Seven Hundred Eighteen Million, Four Hundred Seventy Nine Thousand Six Hundred Birr) of which Birr 2,182,273,756.41 (Two Billion One Hundred Eighty Two Million, Two Hundred Seventy Three Thousand, Seven Hundred Fifty Six Birr and Forty One Cents) has been paid up in cash.

- (b) Kaappitaalli Oro-Assembley tiif hayyamame qarshii 214,300,000.00 (miliyoona dhibba lamaafi miliyoona kudha afuriifi kuma dhibba sadi) ta'ee, kaappitaala hayyamame keessaa maallaqaan qarshii 111,345,787.82 (miliyoona dhibba tokkoof miliyoona kudha tokkoof kuma dhibba sadiif kuma afurtamii shaniif dhibba trobaaf saddeettamii torbaafi saantima saddeettamii lama) maallaqa callaan kaffalamee jira.
- (c) Kaappitaalli Oromia Agro Group tiif hayyamame qarshii 26,014,634,833.97 (biliyoona digdamii jahaaf miliyoon kudha afuiif kuma dhibba jahaaf kuma soddonii afuriif dhibba saddeetiif soddonii sadiifi saantima sagaltamii torba) ta'ee, kaappitaala hayyamame keessaa maallaqaan qarshii 20,576,226,311.00 (biliyoona digdamaaf miliyoona dhibba shaniif miliyoona torbaatamii jahaaf kuma dhibba lamaaf kuma diigdamii jahaa fi dhibba sadiif kudha tokko) maallaqa callaan kaffalamee jira.
- (d) Kaappitaalli Tumsa Development Group tiif hayyamame qarshii 1,462,371,511.00 (biliyoona tokkoof miliyoona dhibba afuriifi miliyoona jaatamii lamaaf kuma dhibba sadiif torbaatamii tokkoofi dhibba shaniif kudha tokko) ta'ee, kaappitaala hayyamame keessaa maallaqaan qarshii 633,148,504.54 (miliyoona dhibba jahaaf miliyoona soddonii sadiif kuma dhibba tokkoof kuma afurtamii saddeetiif dhibba shaniif afuriifi saantima shantamii afur) maallaqa callaan kaffalamee jira.

- (ለ) ለኦሮ-አሴምብሊ ግሩፕ የተፈቀደው ካፒታል ብር 214,300,000.00 (ሁለት መቶ አስራ አራት ሚሊዮን ሦስት መቶ ሺህ ብር) ሆኖ፤ ከተፈቀደው ካፒታል ውስጥ ብር 111,345,787.82 (አንድ መቶ አስራ አንድ ሚሊዮን ሦስት መቶ አርባ አምስት ሺህ ሰባት መቶ ሰማንያ ሰባት ብር አሰማንያ ሁለት ሣንቲም) በጥሬ ገንዘብ ተከፍሏል።
- (ሐ) ለኦሮሚያ አግሮ ግሩፕ የተፈቀደው ካፒታል ብር 26,014,634,833.97 (ሃያ ስድስት ቢሊዮን አስራ አራት ሚሊዮን ስድስት መቶ ሰላሣ አራት ሺህ ስምንት መቶ ሰላሣ ሦስት ብር ከዘጠና ሰባት ሣንቲም) ሆኖ፤ ከተፈቀደው ካፒታል ውስጥ ብር 20,576,226,311.00 (ሃያ ቢሊዮን አምስት መቶ ሰባ ስድስት ሚሊዮን ሁለት መቶ ሃያ ስድስት ሺህ ሦስት መቶ አስራ አንድ ብር) በጥሬ ገንዘብ ተከፍሏል።
- (መ) ለቱምሳ ዴቪሎፕመንት ግሩፕ የተፈቀደው ካፒታል ብር 1,462,371,511.00 (አንድ ቢሊዮን አራት መቶ ስልሣ ሁለት ሚሊዮን ሦስት መቶ ሰባ አንድ ሺህ አምስት መቶ አስራ አንድ ብር) ሆኖ፤ ከተፈቀደው ካፒታል ውስጥ ብር 633,148,504.54 (ስድስት መቶ ሰላሣ ሦስት ሚሊዮን አንድ መቶ አርባ ስምንት ሺህ አምስት መቶ አራት ብር ከአምሣ አራት ሣንቲም) በጥሬ ገንዘብ ተከፍሏል።

- (b) The Capital Authorized for Oro- Assembly Groups shall be Birr 214, 300,000.00 (Two Hundred Fourteen Million and Three Hundred Thousand Birr) of which Birr111, 345,787.82 (One Hundred Eleven Million, Three Hundred Forty Five Thousand and Seven Hundred Eighty Seven Birr and Eighty Two Cents) has been paid up in cash.
- (c) The Capital Authorized for Oromia Agro-Groups shall be Birr 26,014,634,833.97 (Twenty Six Billion Fourteen Million Six Hundred Thirty Four Thousand Eight Hundred Thirty Three Birr and Ninety Seven Cents) of which Birr 20, 576, 226, 311.00 (Twenty Billion, Five Hundred Seventy Six Million, Two Hundred Twenty Six Thousand, Three Hundred Eleven Birr) has been paid up in cash.
- (d) The Capital Authorized for Tumsa Development Groups shall be Birr 1, 462, 371,511.00 (One Billion, Four Hundred Sixty Two Million, Three Hundred Seventy One Thousand, Five Hundred Eleven Birr) of which Birr 633, 148, 504.54 (Six Hundred Thirty Three Million, One Hundred Forty Eight Thousand, Five Hundred Four Birr and Fifty Four Cents) has been paid up in cash.

- (e) Kaappitaalli Oro-Construction Group tiif hayyamame qarshii 15,510,384,000.00 (Biliyoona kudha shaniif miliyoona dhibba shaniif miliyoona kudhaniifi kuma dhibba sadiifi kuma saddeettamii afur) ta'ee, kaappitaala hayyamame keessaa maallaqaan qarshii 6,895,441,811.24 (biliyoona jahaaf miliyoona dhibba saddeetiif miliyoona sagaltamii shaniif kuma dhibba afuriif kuma afurtamii tokkoofi dhibba saddeetiif kudha tokkoofi saantima digdamii afur) maallaqa callaan kaffalamee jira.
- (f) Kaappitaalli O-Mining Group tiif hayyamame qarshii 206,010,000.00 (miliyoona dhibba lamaaf miliyoona jahaafi kuma kudhan) ta'ee, kaappitaala hayyamame keessaa maallaqaan qarshii 195,399,753.69 (miliyoona dhibba tokkoofi miliyoona sagaltamii shaniif kuma dhibba sadiif kuma sagaltamii sagaliif dhibba torbaaf shantamii sadiifi saantima jaatamii sagal) maallaqa callaan kaffalamee jira.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (a - f) jalatti kan tumame jiraatus, xumurri bu'aa odii-tara alaa hanga odiiitii bara baajataa 2014 gahutti taasisu irratti jijjiiramni argamsiisu kaappitala maallaqa callaafi akaakuun kaffalame isa dhumaa ta'ee kan galmaa'u ta'a.

26. Madda Galii

Maddi galii Investimant Giruupp-iwwanii kanneen armaan gadii irraa ta'a:

- 1) Galii hojiiwwan adda addaa Giruuppichaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa, dhaabbilee yookiin waldaalee daldalaa Giruuppicha jala jiraniin hojjetu irraa argatu;
- 2) Galii hojiiwwan investimantii adda addaa dhaabbilee yookiin waldaalee biroo waliin hojjetu irraa argatu;
- 3) Galii gargaarsa, kennaafi maddoota biroo irraa argamu ta'a.

- (ሀ) ለአሮ-ኮንስትራክሽን ግሩፕ የተፈቀደው ካፒታል ብር 15,510,384,000.00 (አስራ አምስት ቢሊዮን አምስት መቶ አስር ሚሊዮን ሦስት መቶ ሰማንያ አራት ሺህ ብር) ሆኖ፤ ከተፈቀደው ካፒታል ውስጥ በገንዘብ ብር 6,895,441,811.24 (ስድስት ቢሊዮን ስምንት መቶ ዘጠና አምስት ሚሊዮን አራት መቶ አርባ አንድ ሺህ ስምንት መቶ አስራ አንድ ብር ከሃያ አራት ሣንቲም) በጥሬ ገንዘብ ተከፍሏል።
- (ለ) ለኦ-ማይኒንግ ግሩፕ የተፈቀደው ካፒታል ብር 206,010,000.00 (ሁለት መቶ ስድስት ሚሊዮን አሥር ሺህ ብር) ሆኖ፤ ከተፈቀደው ካፒታል ውስጥ በገንዘብ ብር 195,399,753.69 (አንድ መቶ ዘጠና አምስት ሚሊዮን ሦስት መቶ ዘጠና ዘጠኝ ሺህ ሰባት መቶ አምሳ ሦስት ብር ከስልሳ ዘጠኝ ሣንቲም) በጥሬ ገንዘብ ተከፍሏል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 (ሀ-ረ) ሥር የተደነገገው ቢሮም እስከ 2014 በጀት ዓመት ድረስ ያለው የውጭ ኦዲት ውጤት በካፒታል ላይ የሚያስከትለው ለውጥ በጥሬ ገንዘብ እና በዓይነት የተከፈለ የመጨረሻ ካፒታል ሆኖ የሚመዘገብ ይሆናል።

26. የገቢ ምንጭ

የኢንቨስትመንት ግሩፖች የገቢ ምንጭ ከሚከተሉት ይሆናል፡-

- 1) ከግሩፕ የተለያዩ ሥራዎች፣ ከመንግስት ልማት ድርጅቶች፣ በግሩፕ ሥር በታቀፉ የንግድ ድርጅቶች ወይም ማህበራት ከሚከናወኑ ስራዎች ከሚገኝ ገቢ፤
- 2) ከሌሎች ድርጅቶች ወይም ማህበራት ጋር ከሚሰራቸው የተለያዩ የኢንቨስትመንት ሥራዎች የሚያገኘው ገቢ፤
- 3) ከዕርዳታ፣ ስጦታ እና ሌሎች ምንጮች ከሚገኝ ገቢ ይሆናል።

- (e) The Capital Authorized for Oro - Construction Groups shall be Birr 15, 510, 384, 000.00 (Fifteen Billion, Five Hundred Ten Million, Three Hundred Eighty Four Thousand Birr) of which Birr 6, 895, 441, 811.24 (Six Billion, Eight Hundred Ninety Five Million, Four Hundred Forty One Thousand, Eight Hundred Eleven Birr and Twenty Four Cents) has been paid up in cash.
- (f) The Capital Authorized for O -Mining Groups shall be Birr 206, 010, 000 (Two Hundred Six Million and Ten Thousand Birr) of which Birr 195, 399, 753.69 (One Hundred Ninety Five Million, Three Hundred Ninety Nine Thousand and Seven Hundred Fifty Three Birr and Sixty Nine Cents) has been paid up in cash.
- 2) Notwithstanding to the provisions under Sub Article 1 (a -f) of this Article, the variation resulted on the final audit report of external auditor up until the 2021/22 fiscal year shall be considered as the last paid-up capital in cash and kind.

26. Source of Income

Source of income of Investment Groups shall be from the following:

- 1) Income derived from various activities undertaken by the Group using the public enterprises, business organizations or associations operating under the group.
- 2) Income derived from various investment activities it performs in collaboration with other organizations or associations;
- 3) Income obtained from aids, donations and other sources.

27. Galmee Herregaa

- 1) Investimant Giruuppiiwwan galmee herregaafi harsham-meewwan maallaqaa guutuufi sirrii ta'e ni qabaatu.
- 2) Aangoon Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaatiif kenname akkuma eegametti ta'ee, filannoo odiitara alaa Biir-ichi mirkaneessuun herregni Investimant Giruuppiiwwanii waggaaatti yeroo tokko odiitii ni taasifamu.

28. Ittigaafatamummaa Idaa

Investimant Giruuppiiwwan qabeenya waliigalaa qabaniin olitti idaadhaan hin gaafataman.

Kutaa Shan

Tumaalee Adda Addaa

29. Yeroo Turmaataa

Investimant Giruuppiiwwan kunneen yeroo hin murtoofneef kan hundeeffamaniidha.

30. Qabeenya Dabarsuu

Qoodni mootummaa waldaalee daldalaafi dhaabbilee misooma mootummaa Dambii kanaan Investimant Giruuppiiwwan jalatti gurmaa'an keessaa qabu gara Investimant Giruuppiiwwanitti darbee jira.

31. Mirgaafi Dirqama Dabarsuu

Mirgaafi dirqamni dhaabbilee yookiin waldaalee daldalaa akkaataa Dambii kanaatiin Investimant Giruuppiiwwan jalatti osoo hin gurmaa'in qaban haaluma duraan tureen kan ittifufu ta'a.

27. የሒ.ሣብ መዛግብት

- 1) የኢንቨስትመንት ግሩፖች የተሟሉ እና ትክክለኛ የሒ.ሣብ መዛግብት እና ገንዘብ ነክ ሰነዶች ይኖራቸዋል።
- 2) ለኦሮሚያ ዋና ኦዲተር መሥሪያ ቤት የተሰጠው ሥልጣን እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የኢንቨስትመንት ግሩፖች ሒ.ሣብ ምርጫውን ቢሮው በሚያፀድቀው የውጭ ኦዲተር በዓመት አንድ ጊዜ ኦዲት ይደረጋል።

28. የዕዳ ተጠያቂነት

የኢንቨስትመንት ግሩፖች ካላቸው ጠቅላላ ሐብት በላይ በዕዳ አይጠየቁም።

ክፍል አምስት

ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

29. የቆይታ ጊዜ

እነዚህ የኢንቨስትመንት ግሩፖች ላልተወሰነ ጊዜ የተቋቋሙ ናቸው።

30. ሐብትን ማስተላለፍ

በዚህ ደንብ መሠረት ኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥር ከተደራጁ የንግድ ማህበራት እና የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ውስጥ ያለው የመንግሥት ድርሻ ወደ ኢንቨስትመንት ግሩፖች ተላልፏል።

31. መብትና ግዴታን ማስተላለፍ

የንግድ ድርጅቶች ወይም ማህበራት በዚህ ደንብ መሠረት ኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥር ከመደራጀታቸው በፊት የነበራቸው መብትና ግዴታዎች በነበሩበት የሚቀጥሉ ይሆናል።

27. Books of Accounts

- 1) The Investment Groups shall have a complete and accurate Book of Accounts.
- 2) Save to the power entrusted to Oromia Auditor General Bureau, the financial accounts of Investment Groups shall be audited once in a year by the external auditor whose selection shall be confirmed by the Bureau.

28. Liability

Investment Groups shall not be held liable beyond their total assets.

Part Five

Miscellaneous Provisions

29. Span of Existence

Investment Groups are established for an indefinite period of time.

30. Transfer of Assets

Government share owned in business organizations or associations which are organized under Investment Groups in accordance with this regulation has been transferred to Investment Groups.

31. Transfer of Rights and Obligations

The rights and obligations exercised by business organizations or associations before they were organized under Investment Groups as per this regulation shall remain to be effective as before.

32. Tumaalee Ce'umsaa
 Hojiiwwaniifi dhimmoon-ni Dambiin kun bahuun dura dhaabbilee yookiin waldaalee daldalaa Investimant Giruupp-iwwan jalatti gurmaa'aniin hojjetamaa turan bu'uura Dambii kanaatiin akka hojjetamaniitti yookiin eegalamaniitti lakkaa'amee raawwiin isaanii kan ittifufu ta'a.

33. Seerota Haqamaniifi Raawwatiinsa Hin Qabaanne
 1) Dambiin Tumsa Davalopmant Giruup Lakkoofsa 225/2014 Dambii kanaan haqamee jira.
 2) Dambiin, qajeelfamniifi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

34. Aangoo Qajeelfama Baasuu
 Dambii kana raawwachiisuuf Biirichi Qajeelfama baasuu ni danda'a.

35. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu
 Dambiin kun Onkoloolessa 11 bara 2015 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee,
Onkoloolessa 11 Bara 2015
Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

32. የሽግግር ድንጋጌዎች
 ይህ ደንብ ከመውጣቱ በፊት በኢንቨስትመንት ግሩፖች ስር በተደራጁ የንግድ ድርጅቶች ወይም ማህበራት ሲከናወኑ የነበሩ ተግባራት ወይም ጉዳዮች በዚህ ደንብ መሠረት እንደተሰሩ ወይም እንደተጀመሩ ተቆጥረው አፈፃፀማቸው የሚቀጥል ይሆናል።

33. የተሻሩና ተፈጻሚነት የማይኖራቸው ሕጎች
 1) ቱምሳ ዴቪሎፕመንት ግሩፕ ደንብ ቁጥር 225/2014 በዚህ ደንብ ተሸሯል።
 2) ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረን ማንኛውም ደንብ፣ መመሪያ እና ልማዳዊ አሰራር በዚህ ደንብ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም።

34. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን
 ቢሮው ይህን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

35. ደንቡ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ
 ይህ ደንብ ከጥቅምት 11 ቀን 2015 ዓ.ም ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

ፊንፊኔ
ጥቅምት 11 ቀን 2015 ዓ.ም
ሽመልስ አብዲሣ
የአሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት
ፕሬዝዳንት

32. Transitory Provisions
 Activities and issues being underway by the business organizations or associations organized under Investment Groups before the issuance of this regulation shall be considered as they have been undertaken or commenced pursuant to this regulation and continue to be performed.

33. Repealed and Inapplicable Laws
 1) Tumsa Development Group Regulation Number 225/2021 is hereby repealed by this regulation.
 2) Any Regulation, Directive or work practices that contradict this regulation shall not be applicable to the matters covered under this regulation.

34. Power to Issue Directives
 The Bureau may issue Directive that help to implement this Regulation.

35. Effective Date
 This regulation shall come in to force as of October 21, 2022.

Finfine,
October 21, 2022
Shimelis Abdisa
President of Oromia National Regional State

Duuka-Deemtuu

Tarreeffama Maqaa Hundeeffama Investimant Giruup Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa

1) O-Produce Group

- (a) Waldaa Aksiyoona Printiingii, paabliishiingii fi paakeejingii Meelbaa;
- (b) Warshaa Ujummo Oromiyaa W/Dhu/Ittigaafatamummaan Isaa Murtaa'e;
- (c) Kubbaaniyaa Ujummo Sibila Oromiyaa W/Dhu/Ittigaafa/isaa Murtaa'e;
- (d) Waldaa Aksiyoona ECAFCO;
- (e) Waldaa Aksiyoona Kegna Beverages.

2) Oro-Assembly Group

- (a) Waldaa Aksiyoona Jabdu Motors;
- (b) Kegna Oomisha Maashinoota Qonnaa fi Daldala Waliigalaa W/Dhu/Ittiga/ Isaa Murtaa'e;
- (c) Waldaa Aksiyoona Maanufaakchariing Tumsa-Waliin;
- (d) Waldaa Aksiyoona General Steel & Machinery;

3) Oromia Agro Group

- (a) Waldaa Aksiyoona Daldala Kuduraa fi Muduraa Oro-Fresh;
- (b) Koroporeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa;
- (c) Interpiraayizii Sanyii Filatamaa Oromiyaa;
- (d) Dhaabbata Bosonaafi Bineensota Bosonaa Oromiyaa;
- (e) Waldaa Aksiyoona BOMOJ Meat Industry.

4) Tumsa Development Group

- (a) Waldaa Aksiyoona Biiftuu Addunyaa Business;
- (b) Waldaa Aksiyoona Jarra Holdings;
- (c) Meyra Agro Tech Industry W/Dhu/Ittigaafa/isaa Murtaa'e;
- (d) Geejjiba Gadaa W/Dhu/Ittigaafa/isaa Murtaa'e;
- (e) Waldaa Aksiyoona Geejjibaa Qindaa'aa Odaa;

አባሪ

በኢንቨስትመንት ግሩፖች ሥር የተደራጁ የመንግስት ልማት ድርጅቶች ስም ዝርዝር

1) ኡ-ፕሮዲዩስ ግሩፕ

- (ሀ) ሜልባ ፕሪንቲንግ ፕላንቲንግ እና ፓኬጂንግ አክሲዮን ማኅበር፤
- (ለ) አሮሚያ ፓይፕ ፋብሪካ ኃ.የተ.የግ.ማ.፤
- (ሐ) አሮሚያ ስቲል ፓይፕ ሚል ኃ.የተ.የግ.ማ.፤
- (መ) ኤ.ካ.ፍ.ኮ አክሲዮን ማኅበር፤
- (ሠ) ኬኛ ቤቪሬጅስ አክሲዮን ማኅበር።

2) አሮ-አሰምብሊ ግሩፕ

- (ሀ) ጅብዱ ሞተርስ አክሲዮን ማኅበር፤
- (ለ) ኬኛ የግብርና መሣሪያዎች ማምረቻና ጠቅላላ ንግድ ኃ.የተ.የግ.ማ.፤
- (ሐ) ቱምሳ-ወሊን ማኑፋክቸሪንግ አክሲዮን ማኅበር፤
- (መ) ጄኔራል ስቲል እና ማሽነሪ አክሲዮን ማኅበር።

3) አሮሚያ አግሮ ግሩፕ

- (ሀ) አሮ-ፍሬሽ አትክልትና ፍራፍሬ ንግድ አክሲዮን ማህበር፤
- ለ) የአሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን፤
- (ሐ) የአሮሚያ ምርጥ ዘር ኢንተርፕራይዝ፤
- (መ) የአሮሚያ ደንና ዱር እንስሳት ድርጅት፤
- (ሠ) ቦሞጅ ሥጋ ኢንዱስትሪ አክሲዮን ማኅበር።

4) ቱምሳ ዴቪሎፕመንት ግሩፕ

- (ሀ) ቢፍቱ አዳኛ ቢዝነስ አክሲዮን ማኅበር፤
- (ለ) ጃራ ሆልዲንግስ አክሲዮን ማኅበር፤
- (ሐ) ሜይራ አግሮ ቴክ ኢንዱስትሪ ኃ.የተ.የግ.ማ.፤
- (መ) ገዳ ትራንስፖርት ኃ.የተ.የግ.ማ.፤
- (ሠ) ኦዳ ኢንተግሬትድ ትራንስፖርት አክሲዮን ማህበር።

Annex

Lists of Public Enterprises Established Under Investment Groups

1) O-Produce Group

- (a) Melba Printing, Publishing and Packaging Sh.C.;
- (b) Oromia Pipe P.L.C.;
- (c) Oromia Steel Pipe Share Company;
- (d) ECAFCO Share company;
- (e) Kegna Beverages Share Company.

2) Oro-Assembly Group

- (a) Jabdu Motors Share Company;
- (b) Kegna Agricultural Equipment Manufacturing and General Trading P.L.C.;
- (c) Tumsa-Waliin Manufacturing Share Company;
- (d) General Steel and Machinery Share Company;

3) Oromia Agro Group

- (a) Oro-Fresh Fruits and Vegetables Share Company;
- (b) Industrial Parks Development Corporation;
- (c) Oromia Seeds Enterprise;
- (d) Oromia Forest and Wildlife Enterprise;
- (e) BOMOJ Meat Industry Share Company.

4) Tumsa Development Group

- (a) Biiftu Adugna Business Share Company;
- (b) Jarra Holdings Share Company;
- (c) Meyra Agro Tech. Industry P.L.C.;
- (d) Gada Transport P.L.C. ;
- (e) Oda Integrated Transport Share Company.

- 5) Oro-Construction Group**
- (a) Korporeshinii Ijaarsaa Oromiyaa;
 - (b) Korporeshinii Injiinaringii Oromiyaa;
 - (c) Waldaa Aksiyoona Walabu Konistiraakshin;
 - (d) Waldaa Aksiyoona OBM Konistiraakshin;
 - (e) Waldaa Aksiyoona IJA Developer.
- 6) O-Mining Group**
- (a) Waldaa Aksiyoona Oromiyaa Maayiniing;
 - (b) Jitu Marble Industry W/Dhu/Ittigaafa/isaa Murtaa'e;
 - (c) Burka Marble Industry W/Dhu/Ittigaafa/isaa Murtaa'e.

5. ኦሮ-ኮንስትራክሽን ግሩፕ

- (ሀ) ኦሮሚያ ኮንስትራክሽን ኮርፖሬሽን፤
- (ለ) ኦሮሚያ ኢንጂነሪንግ ኮርፖሬሽን፤
- (ሐ) ወላቡ ኮንስትራክሽን አክሲዮን ማኅበር፤
- (መ) ኦቢ.ኤም ኮንስትራክሽን አክሲዮን ማኅበር፤
- (ሠ) ኢጂ ዴቪሎፕመንት አክሲዮን ማኅበር።

6) ኦ-ማይኒንግ ግሩፕ

- (ሀ) ኦሮሚያ ማይኒንግ አክሲዮን ማኅበር፤
- (ለ) ጂ.ቱ ኤምባሪድ ኢንዱስትሪ ኃ.የተ.የግ.ማ.፤
- (ሐ) ቡርቃ ኤምባሪድ ኢንዱስትሪ ኃ.የተ.የግ.ማ.።

5) Oro-Construction Group

- (a) Oromia Construction Corporation;
- (b) Oromia Engineering Corporation;
- (c) Walabu Construction Share Company;
- (d) OBM Construction Share Company;
- (e) IJA Developer Share Company.

6) O-Mining Group

- (a) Oromia Mining Share Company;
- (b) Jitu Marble Industry P.L.C;
- (c) Burka Marble Industry P.L.C.